XIINXALA ITTI FAYYADAMA MALLEEN DUBBII DILBII WALALOO QAALLICHA GAAFADHU KEESSATTI

AYYAANTUU BADHAASAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI QUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIHAATE

YUUNIVERSIITII ADDIS ABABAA

KOLLEEJJII NAMOOMAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII

MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKILOORII

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE

XIINXALA ITTI FAYYADAMA MALLEEN DUBBII DILBII WALALOO QAALLICHA GAAFADHU KEESSATTI

AYYAANTUU BADHAASAA

GORSAA: ASAFAA TAFARRAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILORIITIIF DHIHAATE

YUUNIVERSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO
AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI
QUNNAMTII

FULBAANA, 2014/2021
FINFINNEE

Axereeraa

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa "xiinxala Itti Fayyadama Malleen Dubbii Kuusaa Walaloo Qaallicha Gaafadhu" jedhu irratti kan qoratame dha. kaayyoon qorannoo kanaas maalummaa malleen dubbii addeessuu, akaakuuwwan malleen dubbii kitaaba walalichaa keessatti argaman muraasa adda baasuu , itti fayyadama malleen dubbii agarsiisuu, akaakuwwan malleen dubbii barreessaan walaloo kana keessatti irra deddeebiin fayyadame addaan baasuu kanneen kana deebisuuf qoratame. barbaachisummaan firii qorannoo kanaa namoota mataduree kanarratti qorannoo gadi fageenyaan geggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu ni danda'a, dubbistoota walaloo kana dubbisanii hiikni isaa ykn waloon kun maal jechuu akka barbaade hubatamuufii dide yoo jiraatan qorannoon kun karaa agarsiisuu danda'a, madda ragaa ta'ee tajaajiluu, fa'a. malli iddatteessuu qorattuun gargaaramte mala iddatteessuu akkayyoo /purposive sampling dha. qorannoon kun gosa qorannoo ibsaa ta'ee gosa qorannoo akkamtaa/qualitative description fayyadamame. meeshaan funaansa ragaa dokumentii sakatta'uu yoo ta'u, madda ragaa duraa irraa odeeffannoon funaanamee xiinxalame. qorannoon kun boqonnaa shanitti hojjetamee kan xumurame yoo ta'u, boqonnaa jalqabaa keessatti ariirrata qorannoo, sababa ,kaayyoo, faayidaa, daangaa, hanqinaafi qindoomina qorannootu dhiyaate. boqonnaa lammaffaa keessatti ammoo sakatta'a barruu yaadrimeefi walfakkiitu dhiyaate. boqonnaa sadii keessatti malleen qorannoo yoo ta'u, boqonnaa afur xiinxala odeeffannoo, boqonnaan shanaffaan cuunfaa, argannoofi yaboo qorannootu dhiyaate.

Galata

Waan hundumaa dursee nagaa fi fayyaa naaf kennee qorannoo kana geggeessee akkan xumuru isa godhe waaqayyoof galanni haa ta'u. itti aansuudhaan waraqaa qorannoo kana seeraan tartiiba isaa eegee akkan hojjedhuuf yaadaafi ogummaa isaaniitiin nadeggeraa, nagorsaa qophii waraqaa wixineerraa kaasee hanga dhuma qorannoo kanaatti kan nawajjin dadhabaa turan gorsaa koo Asafaa Tafarraa (phD) baayyeen isaan galateeffadha.akkasumas obboleessakoo Isiraa'el Badhaasaa kan karaa garaagaraa deggarsa naaf gochaa ture utuun hingalateeffatin hindarbu. itti dabaluun kitaaba qorannoo kanaaf nabarbaachisu naaf ergisuudhaan kan nagargaare barataa Abiraam Tarrafaa baayyee nan galateeffadha.

Baafata

Qabiyyee Fuula

Axereeraa i
Galata ii
Baafata iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA 1
1.1 Seenduuba Qorannichaa 1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa 3
1.3 Kaayyoo Qorannichaa 3
1.3.1 Kaayyoo Waliigalaa Qorannichaa 3
1.3.2 Kaayyoo Murtaa'oo Qorannichaa 3
1.4 Faayidaa Qorannichaa 4
1.5 Daangaa Qorannichaa 4
1.6 Hanqina Qorannichaa 4
1.7 Qindoomina Qorannichaa 4
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE 6
2.1 Sakatta'a Barruuwwan Yaadrimee 6
2.1.1 Maalummaa Ogumaa/wisdom 6
2.1.1.1 Ogafaan/oral literature 6
2.1.1.2 Ogbarruu/written literature 8
2.2.2 Ogwalaloo/poetry 8
2.1.2.1 Afwalaloo/oral poetry 9
2.1.2.2 Barwalaloo/written poetry 10
2.1.3 Amaloota Ogwalaloo 11
2.1.4 Caacculee Ogwalaloo 12
2.1.4.1 Folannoo Jechootaa/diction 12
2.1.4.2 Birsaga/syllable 12
2.1.4.3 Sagalee Moggoo/rhme 12
2.1.4.4 Malleen Dubbii/figures of speech 12
2.1.4.4.1 Faayidaa Malleen Dubbii 14
2.1.4.4.2 Akaakuuwwan Malleen Dubbii 15

2.2 Sakatta'a Barruuwwan Walfakkii 20
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA 22
3.1 Adeemsa Qorannichaa 22
3.2 Saxaxa Qorannichaa 22
3.3 Madda Odeeffannoo 23
3.4 Mala Iddatteessuu 23
3.4.1 Iddata Akkayyoo 23
3.5 Mala Odeeffannoon Ittiin Funaanaman 24
3.5.1 Sakatta'a Dokumentii 24
3.6 Adeemsa Qaaccessa Ragaalee 24
BOQONNAA AFUR: XIINXALA ODEEFFANNOO 25
4.1 Xiinxala Tuqxu-Seenaa 25
4.2 Xiinxala Atee/Wanteessuu/apostrophe 29
4.3 Xiinxala Nameessuu/personification 33
4.4 Xiinxala Akkasaa/simile 36
4.5 Xiinxala Fakkoommii/symbols 38
BOQONNAA SHAN:CUUNFAA,ARGANNOO FI YABOO 41
5.1 Cuunfaa 41
5.2 Argannoo 42
5.3 Yaboo 42
Wabilee 43
Dabaleewwan 45

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Seenduuba Qorannichaa

Ogbarruun oguma umurii dheeraa qabuudha. Innis hojii kalaqa sammuu ta'ee kan barreessaan waan qabatamaa hawaasa keessa jiru bu'uura godhachuun kalaqa sammuu isaa itti dabaluun qindeessee dhiyeessuudha. Kanumarraa ka'uun ogbarruun hojii kalaqa sammuu addunyaa kana bifa adda addaatiin deebisee namaaf dhiyeessudha. Asafaa(2004:17) irratti ogbarruu yoo ibsu,

ogbarruun kan namoonni yaadota bibilchaatoo ta'an ittiin waliif dabarsan kalaqa sammuu haasaa bifa miidhagina qabuun gabaabbatee dhiyaatuudha.jedha.

Yaanni olii kun ogbarruun jecha guyyuu fayyadama osoo hintaane jecha filatamaa kan miidhagina qabu akka ta'edha. kunis jecha sirrii iddoo sirrii ta'e galchuudhaan kan dhiyaatu hojii kalaqa sammuu namaati. ogbarruun hojii kalaqaati yoo jennu haaraa uumuu osoo hintaane kan jirurratti waa dabaluu(refresh)dha. barreessaanis jecha akkamii? bakka akkamii? yoon galche nama hawwachuu danda'a jedhee kan ilaaluudha. kanaafuu akkaataa itti bocantu kalaqa isa taasisa jechuun nidanda'ama.

Ogbarruun dabarsa aadaa uummataati. kana jechuunis muuxannoofi mudannoo,gammachuufi gadda,hawwiifi aarii isaa kan ittiin ibsatuudha. yaada kana kan deeggeru Asafaa(2009:20)"ogbarruun dabarsa aadaa uummataati.galmee jiruu jireenya ilmoo namaa kan namoota hubannoo,beekumsaafi muuxannoo sadarkaa addaa qabaniiti".jechuun ibsa. akka odeeffannoon toora interneetiirraa argame tokko ibsutti,ogbarruun jireenya namootaa keessaa kan argame kalaqa ilmaan namaati. innis waa'ee dhimma hawaasummaa ilma namaa baayyisuun,olkaasuun,guddisuun kalaqa barreessaatiin kan dhiyaatuudha.

Akkuma beekamu ogumni haala lamaan kan dhiyaatudha. isaanis og-afaan(oral literature)fi oguma barruu(written literature)dha.kana ilaalchisee Beekan (2013:5)"uummanni aadaa barreessuu hinqabne afoola yoo qabaatu,uummanni aadaa barreessuu qabu ammoo oguma barreeffamaa qaba".jedha. ogafaan aadaa,seenaa,duudhaa,amantaafi falaasama akkasumas haala jiruuf jireenya hawaasa tokkoo dhaloota irraa dhalootatti afaaniin kan dabarsuudha. garuu ogafaan waan afaaniin dubbatamu qofa osoo hintaane waan kalaqaas ni hammata. ogumni barreeffamaa kanneen akka walaloo,asoosamaa,fiilmii,diraamaafi kkf hammata.

Oguma barreeffamaa kanneen jedhaman keessaa walaloon isa tokko. uummanni oromoos hacuuccaa sirnoota darbanii jala yeroo turetti eennyummaa, aadaa,duudhaa fi seenaa isaa irra dhiibbaan garaagaraa gahaa turee jira; ammas ittuma jira. dhiibbaawwan kunneen dhiibbaa keessaafi alaati. dhiibbaa keessaa yoo jennu ofitti amanamummaa dhabuu,aadaa ofii akka boodatti hafaatti ilaaluun itti qaana'uu hawaasichaa yoo ta'u,dhiibbaan alaa immoo kanneen akka dhiibbaa siyaasaa,amantaa,ammayyummaa ykn qaroomina fa'a. keessaayyuu dhiibbaa keessaa kan jedhamu kun akka hawaasichi of jibbuuf,aadaa isaa ganuuf akkasumas eenyummaa isaa dagatuuf jecha xiinsammuu(psycho) isaa irratti hojjetamaa turee jira.

dhiibbaawwan kunneen uummatichi eenyummaasaa,aadaasaafi seenaa isaa akka dagatuuf dhiibbaa guddaa irraan geessisanii jiru. haa ta'u malee garuu ogbarruu isaatti fayyadamee hanga tokko damdamachuu danda'eera. kana jechuunis waa'ee eenyummaa, seenaa, aadaa isaa barsiisuu keessatti ogbarruun gahee guddaa qaba.keessaayyuu walalootti gargaaramee waa walhubachiisaa ykn walkakaasaa turee jira.

Haalli hawaasichi ittiin walaloo kanatti dhimma bahus,karaa kallattiin osoo hintaane alkallattiidhaan ykn haala dubbii baramerraa maqsuun wanta biraatiin fakkeessee kan itti gargaaramaa turee fi jiruudha. sababnisaas quuqqaan inni qabu waa'ee sarbamuu mirgaa, wa'ee gabrummaa kanneen kana waan dubbatuuf miidhaa irraan gaha. kanneen kana ifa baasee karaa kallattiin yoo dubbate hidhamuu, reebamuu hanga du'uutti aarsaa waan isa kafalchiisuuf karaa dhoksaa ta'een mala dubbiitti gargaaramee yaadasaa ibsachaa ture. kana malees mootummaan dhufaa darbaan uummaticha garboomsee miidhaa garaagaraa isarraan gahaa akka ture beekamaadha. mootummaa kana akka jibbe mormii isaa ibsachuuf, malleen dubbii kanatti dhimma bahaa ture. ammas ittuma jira.

kunis qaamota walaloo ijaaran keessaa malleen dubbii ykn sadoommii jedhamuun beekama. Malli dubbii walqunnamtii hawaasni jiruuf jireenya isaanii keessatti godhanin kan walqabatu ta'ee jechoota gaggabaaboo ta'anitti fayyadamee ergaa bal'aafi hiika dachaa qabu kan dabarsuudha.akka Zarihun(1992:105) malleen dubbii akkasiin ibsa,yaada tokko ibsa ho'aa fi cimina qabuun agarsiisuuf hiika jechaa kan idileerraa maqsuun itti fayyadamuudha. jedha.

Dabalataanis Show(1972:159)irratti,itti yaadamee hiikaafi walduraa duuba jechoonni duraan qaban irraa goruun ibsa cimaafi haaraa ta'e argachuuf kan godhamuudha. jechuun hiika. haaluma

kanaan xiyyeeffannoon qorannoo kanaas,kitaaba walaloo qaallicha gaafadhu jedhu gama itti fayyadama malleen dubbiitiin xiinxaluudha.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Mataduree kana jalatti qorannoo kana geggeessuuf wanta ka'umsa ta'etu ibsama. haaluma kanaan ka'umsi qorannoo kanaa yeroo baayyee walaloowwan afaan oromoon barreeffaman kan salphaatti dubbistootaaf hin hubatamneedha. akka fakkeenyaatti yoo fudhanne kitaaba walaloo ANAAN'YAA yoo fudhanne hiika isaa hubachuuf baayyee rakkisaadha. sababnisaa barreessaan walalichaa jechoota filatamoo fi hiika gadi fagoo qabanitti fayyadamee waan barreesseef. haaluma kanaan ka'umsi qorannoo kanaas kitaaba walaloo Qaallicha Gaafadhu keessattihoo rakkoon kun ni mul'aa? kan jedhu adda baafachuuf kan qorayameedha. kana jechuun jechoonni waloon kun filatee barreessee fi sadoommiiwwan inni itti fayyadame dubbisanii hubachuuf kan nama rakkisan ta'uufi dhiisuu isaanii adda baafachuuf qorannoon kun geggeeffame. gaaffilee bu'uuraa qorannoon kun ni deebisa jedhamee eegamu kanneen armaan gadiiti.

1. Malleen dubbii jechuun maal jechuudha?
2. Akaakuuwwan malleen dubbii ogwalaloo kana keessatti irra deddeebiin mul'atan maal fa'i?
3. Faayidaan malleen dubbii maal maal fa'i?
4. Barreessaan walaloo kana keessatti akkamiin malleen dubbiitti gargaarame?

1.3 Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1 Kaayyoo Waliigalaa Qorannichaa

Kaayyoon waliigalaa qorannoo kanaa "xiinxala itti fayyadama malleen dubbii kuusaa walaloo qaallicha gaafadh"keessatti.

1.3.2 Kaayyoo Murtaa'oo Qorannichaa

Kaayyoo murtaa'aan qorannoo kanaa:

- Maalummaa malleen dubbii addeessuu
- Akaakuuwwan malleen dubbii kitaaba walaloo kanaa keessatti argaman muraasa agarsiisuu
- Walaloo kana keessatti akkaataa barreessaan malleen dubbiitti gargaarame ibsuu
- Itti fayyadama malleen dubbii agarsiisuu

1.4 Faayidaa Qorannichaa

- Kanneen mataduree kanarratti qorannoo gadi fageenyaan geggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti ni tajaajila.
- Gahee ogbarruun oromoo qo'annoofi qorannoo keessatti qabuuf ni gumaacha.
- Madda ragaa ta'ee tajaajiluu danda'a.
- Faayidaa malleen dubbii qabu hubachuudhaan barreessitoonni ogbarruu barreeffamoota isaanii biroo keessatti haalaan akka itti fayyadaman gargaaruu danda'a.
- Ergaan walaloo kanaa dubbistoota kan rakkisu yoo ta'e, qorannoon kun salphaatti akka hubatan taasisuu dandaa'a.

1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti waan baayyee kaasuun nidanda'ama ture. garuu gabaabina yeroo sababa vaayirasii koronaatiif barnoonni adda citee waan tureef,yeroon qorannichi keessatti keessatti geggeeffame baayyee gabaabaa ture. kanarraa kan ka'e qorannoon kun fayyadama malleen dubbii walalicha keessa jiru kan walaloo qaallicha gaafadhu lalisaa Idiriis Adam A.L.A tti bara(2018) maxxanfameen daanga'eera.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannichi yeroo geggeeffamu rakkooleen qorattuu mudatan ni jiru. fakkeenyaaf,kitaabilee wabiif ishee gargaaran tokko tokko dhabuu,hanqina yeroo sababa dhukkuba koronaa irraa kan ka'e barnoota kan daree waliin ta'uun qorattuutti rakkina ta'anii jiru. qorattuunis rakkoo kana jalaa bahuuf, kitaabilee wabiif gargaaran kan argattetti gargaaramuun kan dhabde ammoo waraqaalee qorannoo dubbisuudhaan fi toora interneetii wabeeffachuun rakkinicha bira darbuu dandeessee jirti. inni biraan walaloo kanarratti gama filannoo jechootasaa,ergaafi suuressuutiin ilaaluun utuu danda'amuu gama fayyadama malleen dubbii qofaan ilaaluun hanqina qorannoo kanaati.

1.7 Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon boqonnaa shanitti qoodamee kan hojjetame yoo ta'u, boqonnaa tokko keessatti,seenduuba qorannoo,ka'umsa qorannoo,kaayyoo qorannoo,faayidaa qorannoo,daangaa qorannoo fi hanqina qorannoo kan hammatedha. boqonnaa lama keessatti sakatta'a barruu walfakkiifi sakatta'a barruu yaadrimee,maalummaa walaloo,goosoota walaloo,amaloota walaloo,caacculee isaa,maalummaa malleen dubbii,akaakuuwwan mala dubbii,faayidaa mala

dubbii kanneen ofkeessaa qaba. boqonnaa sadii, malleen qorannoo,adeemsa qorannoo,saxaxa qorannoo,madda odeeffannoo,mala iddatteessuu,mala odeeffannoon ittiin funaaname,sakatta'a dokumeentii,adeemsa qaaccessa ragaalee ti. boqonnaan afur xiinxala ragaalee,boqonnaan shan cuunfaa,argannoofi yaboo dha.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE

Mataduree kana jalatti yaaxxinaalee mataduree qorannichaan walfakkaatan kitaabilee garaagaraa keessatti argamaniifi kanneen waraqaalee qorannoo kanaan walitti dhiheenya qabantu dhiyaata.

2.1 Sakatta'a Barruuwwan Yaadrimee

Mataduree kana jalatti yaaxxinaalee mataduree qorannoo kanaan wal fakkaatan kitaabilee garaagaraa irraa sakattaa'amuudhaan dhihaataniiru.

2.1.1 Maalummaa Ogumaa/wisdom

Ogumni umurii dheeraa qaba. dhalli namaa barreeffamaan of ibsuu osoo hinjalqabin dura ogafaan(oral literature) ykn afoolaan, fakkii fi bocaan yaada ofii ibsachaa ture. kanarraa kan ka'e umuriin ogumaa umurii afaaniitiin walqixa jedhamee tilmaamama. umurii kana keessatti ogumaaf hiika adda addaatu kennamaa ture. Asafaa(2009:20) yommuu ibsu, "ogumni waa'ee jiruuf jireenya dhala namaa namootaan qindaa'ee namootaaf dhiyaata". jedha. kun ammoo namoonni hojii fi qo'annoo adda addaarraa akka hubannoo isaaniitti hiika adda addaa haa kennan malee seenaan ogumaa yaada namootaan ol illee kan ta'uu dha. sababni isaa umuriin ogumaa umurii afaaniitiin waan tilmaamamuuf.

2.1.1.1 Ogafaan/oral literature

Ogafaan bifa afaaniin ta'iinsotaa fi raawwii hawaasa keessatti raawwatamu dhalootaa dhalootatti kan dabarsuu fi gareen hawaasaa kamiyyuu kan dhimma itti ba'uudha. kana jechuun kan afaaniin dubbatamu qofa osoo hintaane waan kalaqaati(critical).

Asafaa (2009) "afoolli dubbii afaaniitiin yeedaloon kennameefii ykn osoo hinkennamin kalaqaafi ogummaa dhimma hawaasummaa adda addaa irratti xiyyeeffatuudha. haala kanaan aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa walumaagalatti ogumaa fi (wisdom) jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa qaba. afoola gargaaramee hawaasni eenyummaa ofii beeksisa;dhuftee hidda dhaloota isaa seenessa. waa'ee jireenya waliigalaarratti falaasama qabu ibsata. aadaa fi duudhaan ofii kan ittiin tursiifamus afoolaani.

Ogafaanni(oral literature) gosoota garaagaraa qaba. isaanis, seeneffamoota (raagamtaa, oduu durii, sheekkoo, himamsa gootaa, afseenaa), afwalaloo(sirboota, faaruu, geerarsa, eebba, abaarsa, mammaaksa), dubbii gaggabaaboo(mammaaksa, hibboo, tapha ijoollee) fa'a of keessatti hammatee jira.

Gabaabumatti wantoonni ogafaan ogbarruu irraa adda isa taasisu:

- Himamsa afaaniin dhalootaa dhalootatti darbuu/lufummaa.dhaloota tokko qofarratti kan dhaabbatu miti; dhaloota tokko irraa gara dhaloota itti aanuutti daddarbaa adeema jechuudha.
- Afaaniin waan darbuuf bakkaa bakkatti garaagarummaa, yeroodhaa yerootti ammoo jijjiirama agarsiisuu danda'a/jijjiiramummaa. kana yoo jennu,

  Fkn: a. dubartiin beekaa deessi malee

  beektuu hinqabdu

  b. dubartii barsiisuun

  maatii barsiisuu dha.

Fakkeenya kenname kana keessatti afoolli haala keessa jiran irratti hundaa'ee akka jijjiiramu agarsiisa. kunis baroota dheeraa dura ilaalchi gama dubartootaan jiru ilaalcha gadaantummaa, tuffii fa'atu ture. yeroo ammaa kana garuu erga diimokiraasiin dhufee dubartiin dhiira waliin qixa jedhamte. kanaaf bara durii mammaaksi"dubartiin beekaa deessi malee, beektuu hinqabdu. yeroo ammaa garuu jijjiiramee"dubartii barsiisuun maatii barsiisuudha kan jedhutti dhufe jechuudha.

- Yeroo, bakkaafi haala mijaa'aa keessatti hojiirra oola/yoomessa.ogafaan gochaan dhugooma. Kunis haala,yeroofi bakka itti raawwatu niqaba.

  Fkn: sirba cidhaa sirbuuf cidhi jiraachuu qaba.
- Ogafaan hojii gareeti. namni tokko qophaa isaa irratti hin hirmaatu. yookiin hojii gareeti jechuudha. kanaafuu jamaa barbaada.

  Fkn: hibboon gaafataa fi gaafatamaa qaba.
- Abbummaan isaa kan uummataati/uummatummaa. namni kankooti jedhee dhuunfaadhaan falmatu hinjiru kan uummataati waan ta'eef, abbuma fedhetu itti fayyadama.
- Amala of madaqsuu qaba.
- Dubbatamuun jireenyasaati.

2.1.1.2 Ogbarruu/written literature

Ogbarruun barreeffamaa kan mallattummaa qubeetiin dhihaatuudha. mallattummaa qubeetiin kan dhihaatu waan ta'eef, qophii isaatiifis ta'e ergaa isaa hubachuuf qubeefi sirna barreeffama afaan ittiin barraa'ee beekuun dirqama ta'a. sababni isaas bakka bu'aa sagalee dubbii afaan barreeffamni ittiin dhihaatee yoo beekne malee dubbisanii hubachuu ykn barreessuun ergaa dabarsuun hindanda'amu waan ta'eef.

Ogafaan irraa wantoota adda isa taasisan:

- Barreeffamaan kan daddarbuudha. kanaafuu meeshaalee barreeffamaa kanneen akka qalamaa, waraqaafi meeshaalee maxxansaan ala dhihaachuu hindanda'u.
- Jijjiirama hinqabu.Biraanuu(1999:16) ,ogbarruun barreeffamaa erga altokko galmaa'ee kaa'amee yoo fooyya'ee maxxaneraa kan hafe jijjiiramni jechaa, caasaafi qabiyyee keessatti hinmullatu.
- Barreessaa/abbummaa qaba. abbaan barreesse beekamaadha.
- Qaamaan walqunnamuu kan barbaadu miti. barreessaafi dubbisaan barruudhuma sanaan wal argu; yaada walii hubatu. kanamalees barruun sun erga maxxanee bahee hirkattummaa barreessichaa malee addunyaa wal ga'uu danda'a. dubbisaanis barruu sana qofa dubbisuun yaada barreessichaa argata. kanaafuu kana kessatti dubbisuutu giddugaleessa ta'ee barreessaaf dubbisaa walagarsiisa.(Isuma,17)
- Nama dhuunfaan raawwatamuu danda'a.

2.2.2 Ogwalaloo/poetry

Ogwalaloon oguma(art)dha.ogumni ammoo ga'umsa waa tolchuu ykn uumuuti. Kunis jecha girikii 'poico' hiiknisaa tolchuu ykn uumuu jedhurraa fudhatame. walaloon dhaga'iitii cimaa osoo hinbeekin waloorraa akka fudhannu kan nudirqisiisuudha. dhimma kanaan walqabsiisee ogwalaloof yemmuu hiika kennu william wordsworth"it's spontaneous overflow of powerful feelings".jechuun lafa kaa'a. walaloon qooqa walaloon ittiin ilaalcha, miira, xiyyeeffannoosaa,dubbistoota ykn dhaggeeffattoota isaatiin ga'uudha.

Walaloon hojii uumee yookiin hojii kalaqaa ta,ee jechoota filatamoo kan fayyadamudha. kanaaf walaloon jecha muraasaan ergaa bal'aa kan dabarsuudha. yaadonni walaloon dhiyaatan miira jireenyaa akka dhamdhamannu waa'ee ofii keenyaafi addunyaa kanaa ifatti akka hubannu nu

taasisa. Biraanuu(1999:75)irratti,walaloon hojii uumee keessaa tokko ta'ee,kan jechoota filatamoodhaan qindaa'eefi haala namni kamiyyuu itti dubbaturraa adda ta'ee kan dhiyaatuudha. jedha. yaadichi walaloon jechoota filatamoo tartiiba filatamoo ta'aniin(the best words in the best order) kan dhiyeessuudha.

Akka hayyuun aristotil jedhutti,ogwalaloon dhugaa addunyaa qabatamaa calaqqisiisuufi kan guddisee addunyaa dhugaa kana akkeesseefi fakkeessee dhiyeessuu(i.e poetry is the imitation of the actual/real world) jechuun hiika. dabalataanis Show(1972:190) walaloo yoo ibsu,...kan yaada sammuu keessa jiru ciminaan agarsiisuuf yeedaloofi miidhagina gonfatee dhiyaatudha.

Yaanni kun walaloon miidhagina gonfatee akka dhiyaatuudha. kanas sadoommiitti fayyadamuun ergaa dhokataa fi gadi fagoo ta'e dabarsuudha.

Walaloon gosa ogbarruu miidhagina sagalee, filannoo jechootaa,dhikkisa,unata sagalee,walqixxummaa birsagootaafi durdura sagaleetiin beekamuudha.(Fedhasaa,2017:118). kanarraa wanti hubatamu walaloon ogbarruuwwan kaanirraa wanta adda isa taasisu hedduu akka qabuudha.

Walaloof hiikni garaagaraa hayyootaan kennamuun isaa hiika dhaabbataa tokko kan hundi irratti waliif gale akka hinjirre agarsiisa. sababoonni akka hiikni garaagaraa itti kennamu isa taasisan keessaa walaloon umurii dheeraa qabaachuusaa,garaagarummaa aadaa,garaagarummaa miira jamaa,garaagarummaa unkaafi wkf dha. kanaafuu hanga har'aatti walaloof hiikni dhaabbataan hinkennamne.

2.1.2.1 Afwalaloo/oral poetry

Afwalaloon gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee, bifa walaloon qindeeffamee kan afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbuudha. maalummaa afwalaloo ilaalchisee akka Bayyanaan waraqaa qorannoosaa keessatti Faqaade(1991:86) wabeeffachuun ibsetti,"afwalaloo jechuun yeroo baayyee bifa muuziqaa qabatee bareedina gonfachuun haala duraa duuba isaa eeggatee kan dhiyaatu".(Bayyanaa,2008:15). yaada kanarraa wanti hubatamu afwaloon qabeenya hawaasaa ta'ee, bifa miidhagina qabuufi duraa duuba isaa eeggatee kan dhiyaatu akka ta'eedha. kana jechuun ammoo afwalaloon aadaa fi safuu hawaasaa haala nama hawwatuun ibsuufi dabarsuu isaati.

Afwalaloon oromoo akkuma afoola oromoo biroo dhalootarraa dhalootatti kan darbu dubbii afaaniitiin akkasumas akkasumas kan yeedaloo qabu ammoo yeedaloo isaa waliin kan hinqabnes akkuma jirutti darba.

Fkn

Yoo bariitu aabbee qoreen
Miila waraante
Bulee ilmee miilli hinkulkulle
Yoo bariitu aabbee irraa ajjeesan
Bulee ilmee onnee hinbulluqne
Faayidaan maali?(Jaarsoo Waaqoo)

Akka.Bayyanaan waraqaa qorannoosaa keessatti Borgan (1993:865) wabeeffatee ibsetti,"afwalaloon duudhaa hawaasaa kan ofkeessatti qabu irra caalaa hawaasa hinbaranneen kan kalaqamuudha". jedha. gama biraan hayyuun kun afwalaloo yoo ibsu,"afwalaloon umurii kalaqaafi hurruubummaan isaa yeroo jalqabaaf namni walitti dhufee ittiin wal bohaarsuu yeroo jalqabee kaasee akka ta'es " hayyuu kana wabeeffachuun ibsee jira.

Afwalaloon ogafaan jalatti kan ramadamu waan ta'eef barwalaloo irraa wanti adda isa taasisu,

- Lufummaa
- Hurruubummaa
- Uummattummaa
- Yoomessummaa
- Jijjiiramummaa.

2.1.2.2 Barwalaloo/written poetry

Barwalaloon ogbarruu barreeffamaa jalatti kan ramadamu yoo ta'u, bu'uurri isaa afwalaloodha. sababni isaa afwalalootu walitti qabamee barreeffama waan ta'eef jechuudha.

Wantoonni barwalaloo afwalaloo irraa adda isa taasisan:

- Abbummaa qaba. kana jechuun abbummaan isaa kan nama maqaadhaan beekamu tokkooti. mirga abbeentaa (copy right) qaba.
- Afwalaloon afaaniin kan darbu yoo ta'u barwalaloon immoo barreeffamaan darba

- Hinjijjiiramu. jechuunis barreeffamaan darbaa waan deemuuf yoo barreessaan walaloo sanaa fooyyessee irra deebiin maxxansiise malee jijjiirama hinqabu

2.1.3 Amaloota Ogwalaloo

Ogwalaloon amaloota ogbarruuwwan kaan irraa adda isa taasisu hedduu qaba. isaanis qusatamummaa,qabatamummaa,walqixxummaa,yeedaloo,unatafi wkf fa'adha.

Qabatamummaan waloon tokko waanuma addunyaa dhugaarra jiru tokko bocee kan dhiyeessudha malee waan hinjirre tokko uuma jechuu miti. odeeffannoon toora interneetiirraa argame tokkos yaada kana kan deggerudha.innis, waloon ykn ogwalaloon muddannoowwan,miirawwan,ilaalchawwaniifi hubannoowwan ykn hubannoo waloo kan ibsu gocha ykn haala qabatamaa tokko bocee dhiyeessuudhaani. wantoota addunyaa kanarratti qabatamaan jiraniifi miseensota hawaasaarratti mul'atan akka miira dubbisaa ykn dhaggeeffataa tuqutti lubbuu itti horee dhiyeessa malee abjuu miti. jechuun ibse.

Amalli isaa inni biraan bashannansiisaa barsiisuudha.Show H.(1972:192) irratti,...kan qindaa'ina barreeffamaa ykn dubbii yeedaloo ofkeessaa qabuufi kan yaada gadi fagoo sammuu keessa jiru miidhagina afaaniitiin olkaasee agarsiisuufi bohaarsuuf dhiyaatuudha. jedha.kana jechuun walaloon miidhagummaa kan qabu utuu hin nuffisiisin kan dhaggeeffatamuudha.

Qusatamummaanis amala ogwalaloo keessa isa biraati.ogwalaloon dameewwan ogumaa kamiyyuu caalaa jechoota muraasatti fayyadamuun yaada bal'aa dabarsuu danda'a. qusatamumnaan jechoota ykn fuula waraqaa muraasarratti dhiyaachuu jechuu miti. waan tokko yemmuu dhiyeessu yaada callaa,fakkeenyaafi hiika hintarreessu jechuudha. maddisaa toora interneetii http://elearning.jcte.edu.et.

Amalli biraan walaloon qabu walqixxummaadha. kunis sararoonni tuuta walaloo ykn bo'oo walaloo tokko keessa jiran walqixa dheeratu jechuudha. yeroon walaloo bo'oo tokkoffaa keessa jiru dubbisuuf nubarbaachisuufi yeroon walaloo bo'oo lammaffaarra jiru dubbisuuf nutti fudhatu walqixa ta'a. ogbarruuwwan kaanirraa kan adda isa taasisu kan biraan unata sagaleeti. kana jechuun jechoota walakkaafi xumura bo'ootti akkasuma gidduutti sagalee walfakkaatu kan qabaniidha ykn sagalee walfakkaataan kan xumuramaniidha.

2.1.4 Caacculee Ogwalaloo

Afwalaloos ta'e walaloon barreeffamaa caacculee irraa ijaarame hedduu ofkeessaa qaba. isaan keessaa kanneen bu'uura ta'an filannoo jechootaa,sagalee moggoo,birsaga,yeedaloo,sararaafi sadoommii fa'a.Biraanuu(1999:8-84).

2.1.4.1 Folannoo Jechootaa/diction

Filannoon jechootaa fayyadama jechootaa waloon tokko walaloosaa keessatti itti yaadee godhuudha. innis walaloon akka humna qabaatu taasisa. walaloon jechoota buufataan tarreeffaman keessatti wanti ibsame isa hin ibsamne agarsiisuuf,wanti dubbatame isa hindubbatamne himuu akka danda'utti tarreeffamu. akka ibsaan waraqaa qorannoosaa keessatti Fedhasaa(2013:86)wabeeffachuun yoo ibsu,

"barreeffama ykn dubbii keessatti tarreeffamni jechootaa walaloo uumuuf bu'uura.walaloo keessatti jechoota filachuun kan asoosamaafi diraamaa caalaa of eeggannoo barbaada". yaanni olii kun jechoota filachuun walaloof isa bu'uuraa ta'uudha. sababnisaa walaloon akka humna qabaatu taasisa. kanaafuu waloon yoo barreessu yaada yartuu dhiheessee isa hafe akka itti guuttataniif dubbistootaaf dhiisa.(Ibsaa,(2016:20)

2.1.4.2 Birsaga/syllable

Birsagni qindoomina sagalee dubbifamaafi dubbachiiftuun hafuura tokkoon dubbifamuuti. Show(1992:366) jedhutti,jecha ykn kutaawwan jechaa kan hafuura tokkoon uumamaniidha. jedha. kanaaf birsagni sagaleefi yeroo jechi tokko dubbifamuuf itti fudhatu kan agrasiisuudha. walgitiinsi yeroo sararoonni walaloo itti dubbifamanii birsagaan safarama jechuudha.

2.1.4.3 Sagalee Moggoo/rhme

Sagaleewwan moggoo walfakkeenya sagalee jalqaba,gidduufi dhuma sarara walaloo irratti argamaniiti. wal unata sagalee ta'ee,kan jechoonni lama walfakkaatani walaloo keessatti mul'ataniidha. Zarihuun(1992:78),dubbifamaa ykn dubbachiiftuu irratti xiyyeeffachuu danda'a. sagaleen moggoo kan walaloo miidhagina gonfachiisu yoo ta'u,amala walaloon hololoo irraa ittiin adda ta'udha.

2.1.4.4 Malleen Dubbii/figures of speech

Walaloon dameewwan ogbarruu kaan caalaa malleen dubbii adda addaa fayyadamuudhaan mudannoofi muuxannoo,miira,ilaalchaafi yaadawwan mul'atan arbeessee kanneen hinmullanne haala qabatamaafi ifa ta'een mul'iseefi miidhagsee dhiheessuu danda'a.ta'iiwwan adda addaa

qullaasaanii osoo hinta'in waan biraa kan isaan hinfakkaanneen haguugamanii,walcina qabamanii ykn bakka buufamanii dhihaatu. kanas kallattiidhaan osoo hintaane alkallattiidhaan ykn haala dubbii barame irraa dabsuun wanta biraatiin fakkeessee ykn bakka buusee kan ibsuudha.

Yaada olii kana kan deeggaru Zarihuun (1992:105)irratti,yaada tokko ibsa ho'aa fi cimina qabuun agarsiisuuf hiika jechaa kan idileerraa maqsuun itti fayyadamuudha. kunis kan barreessaan wantoota naannoo isaatti argaman irratti hundaa'ee hubannoosaan walaloo keessatti dhiheessuudha.jechuun kaa'eera. kana malees malleen dubbii akkaataa namni tokko haasawaa duraan beekurraa akkaataa adda ta'een nama biroof ittiin dabarsuuf fayyadamuudha.

Malleen dubbiirratti Malaakneeh(1999:64)yoo ibsu,malleen dubbii bifa ittiin yaada ibsan ta'ee,jecha beekame ykn barameefi akkasumas tartiiba himaa dhiibbaa addaa uumuuf godhamuudha...jedhee ibsa. kana jechuun malleen dubbii barreeffamoota keessattis ta'e haasaa keessatti dhiibbaa dubbistoota ykn dhaggeeffattoota iirratti uumuuf humna qaba. kunis yaada sana haalaan akka caqasan fi hubatan isaan taasisuu danda'a.

Malleen dubbii kan barreessaan lubbu qabeeyyiis ta'e lubbu maleeyyii bifaan,amalaan,guddinaan,haala uumamaan wal hinfakkaanne walitti fiduun kalaquudha. Addunyaa(2018:208) malleen dubbii yoo ibsu,fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko nama hubachiisaniidha. kana jechuun,karaa ittiin waan guddaa tokko kineessanii,kinoo ammoo arbeessanii,binoo nameessanii,namoo bineensanii,walcinas qabanii,cinaachaan himaniifi wkf taasisuun hubannoof haala mijeessan jechuudha.

Akka yaada kanaatti malli dubbii haala salphaan ergaa dabarsuuf humna akka qabuudha. kunis wantoota walbira qabuun,dorgomsiisuun akkasumas bakka buusuun kan dhiyeessudha. kanaaf sammuu dhaggeeffattootaa ykn dubbistootaa keessatti suura kaasuun yaadichatti xiyyeeffannoo akka kennan taasisa jechuudha. maalummaa malleen dubbii ilaalchisee Ibsaa(2016:) waraqaa qorannoo isaa keessatti Yaadannoo(2014:83) wabeeffachuun akkasiin ibse,

> *Dubbiiwwan qolaa kun sadoommii jedhamuun beekamu maanguddoonni oromoo durii afaan ykn barreessitoonni ammayyaa hojiiwwan barreeffamoota akka walaloo, asoosamaa, diraamaa, hololoo, waliin dubbii adda addaa keessatti ijoo dubbii sanii*

haala mi'aawaa fi miira namaa harkisuun yaadaan fakkii sammuu keenya keessatti uumanii kan barbaadan xiqqeessuun, kan tuffachuu barbaadan jajuun, kan abaaruu fedhan eebbisuun, salphaatti dagatamuu hindandeenyeen hubachiisuuf kan itti fay-*yadaman dubbii qolaa ykn sadoommii jedhama.*

2.1.4.4.1 Faayidaa Malleen Dubbii

Malleen dubbii barreeffamas ta'e haasaa(dubbii) keessatti faayidaa guddaa qaba. malli dubbii yaada ibsamuuf barbaadame tokko haala gabaabaafi gadi fageenya qabuun dabarsuufi miira dhaggeeffataa ykn dubbisaa kakaasuuf humna qaba. kanas waanuma naannoo isaaniitti argamuun walbira qabee xiyyeeffannoo akka itti kennan isaan taasisa.

Biraanuu m.(1999:82) irratti,malli dubbii hiika ifoomsuu,fakkeenya ifa ta'e dhiheessuu,walitti dhufeenya uumuuf wantoota lubbuu hinqabnetti lubbuu horuuf,gammachiisuuf akkasumas bashannansiisuufi bal'inaan akka yaadan gochuudha. jechuun ibsa. akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti malli dubbii fknf barreessaan tokko wanta (yaada) nama gaddisiisu tokko dhiyeessuu barbaada yoo ta'e,akka dubbistoonni miira gaddaa sana keessa galanii dubbisan ykn hubatan isaan taasisuuf humna qaba. akkasumas nama bashannansiisaa ergaan sun akka hubatamu ni taasisa.

Faayidaan isaa inni biraan ergaa darbu tokkoof ciminaafi si'aayina ni kenna. akkasumas ergaa yaada tokkoo sammuu keenya keessatti fakkii uumuun salphaatti akka hubatamuufi waan bal'aa yoo ta'ellee utuu hin nuffisiisin dubbifamee ykn dhaggeeffatamee akka xumuramuuf ni fayyada. barreeffamoota yookiin haalota hubachuuf rakkisoo ta'an fi miira keenyaaf dafanii hindhiyaanne mala dubbiin yoo ibsaman battaluma gara sammuu ga'uufi hiika argachuu danda'u. malli dubbii haqa ijaan hinmullanneefi harkaan hinqabamne gadi fageenyaan dhiyeessuufi fakkaattii sammuu namaa keessatti uumuuf ni gargaara. akkasuma ergaa bal'aafi gabbataa ta'eefi miidhagina qabuun dabarsa. yaanni armaan olii kun toora interneetii irraa kanfudhatameedha.

Zarihun (1992:105), yaada tokko ibsa ho'aa fi cimina qabuun agarsiisuuf hiika jechaa kan idileerraa maqsuun itti fayyadamuudha.jedha. yaada kanarraa wanti hubatamu malleen dubbii yaada darbuuf barbaadame tokkoof ibsa ho'aafi cimina qabuun agarsiisuuf akka

fayyaduudha.akkasuma waliigaltee saffisiisuufi miidhagina haasawaa nidabala. Ibsaa waraqaa qorannoo isaa keessatti yaadannoo (2014:83) wabeeffachuun akkasiin ibse,

> *Walaloo mi'eessuu keessatti sagalee akka gochaa ykn rasaasaa dhuka'u umuun miidhagsee, afaan bansiisee nama dhaggeeffachiisa. aarii, gadda, gammachuu keenyaafi kkf haalaan ibsachuuf bakka guddaa qaba. fakkeenyaaf,barreessaan asoosama, fiilmii, ykn sirboonni dhaaba siyaasaa mormuu barbaadan tokko kal-lattiin dubbachuu yoo sodaatan dalga qabanii dubbii qolaatti fayyadamuun ergaa isaanii dabarfatu.(Ibsaa,2016:27)*

Yaadni olii kun kan ibsu,malleen dubbii bira qabanii waa'ee siyaasaa dubbachuuf ni fayyada. kunis kallattiin yoo dubbatan miidhaaf saaxilamuu waan danda'amuuf bira qabanii mala kanatti gargaaramanii fiilmii,asoosamaa,fi sirboota keessatti kan itti dhimma bahamuudha.

2.1.4.4.2 Akaakuuwwan Malleen Dubbii

Baayyinni malleen dubbii hedduu dhibbaa ol akka ta'antu dubbatama. Haa ta'uutii warreen ijoo ta'aniifi bal'inaan hojiirratti mullatan akkasumas kan barreessitoonni yeroo baay'ee itti fayyadaman kanneen gadii kana ta'u.

a. Akkasaa(simile)

Akkasaan akaakuu malleen dubbii waan tokko kan birootti fakkeessuun fi waldorgomsiisuun dhiheessuudha. walfakkeenya wantoota lamaanii kanas jechoota 'akkaa'fi 'fakkaata' jedhamanitti fayyadama. Addunyaafi kaawwan(2005:82)yoo ibsan,"akkasaan mala ittiin wantoota lama walcina qabuun isa tokko isa biraatiin ilaalamaniidha. kunis jechoota akka,fakkaata, jedhanitti dhimma baha".

Fknf:

An ofan fakkaadha
Yoo ti adii uffattu
Ani gurraachuma
Yoo ati gurraachoftu
Ani gurraachuma

Kan akka gaararraa
Shan fakkaatu suma
Fakkaachuufi ta'uun
Lameen walii lama (ANAAN'YAA,Abbaa Hibboo fuula 40)

Himoota 'kan akka gaararraa', shan fakkaatu suma' fi an ofan fakkaadha. jedhan ni mullatu. wantoota lama gaararraafi nama walbira qabee jira. jechoota 'akkaa'fi fakkaata'jedhan fayyadamee jira jechuudha.

b. Bakkasaa(methaphor)

Malli kun guutummaan guutuutti amala waan tokkoo kan birootti uffisuun kan dhiyeessuudha. bakka buusni amala,raawwii,unka waan tokkoo kan birootiif kennuun mala dubbii uumamuudha. yaada kana kan deeggaru Misgaanuu(2012:80) irratti,"iddeessuun waan tokko waan biraan bakka buusa. amala waan tokkoo isa biraatiif akkuma jirutti kennuun dhiyeessa. fakkeenya olitti kenname 'ani gurraachuma' kan jedhu. guutummaan guutuutti gurraachaan bakka of buusee jira.

c. Nameessa (personification)

Nameessi amala namaa wantoota nama hintaaneef kennuudha. wantoonni nama hinta'iin lubbu qabeeyyii fi lubbu maleeyyiin amala ilma namaa gonfachuun gocha garagaraa raawwatu. yeroo kana lafti,mukti,bineensi,beeylanniifi kkf akka namaa haasa'u,wallolu,yaada dhiyeessu,wanta namni hojjetu mara hojjechuu fedhu yk hojjetu.

Yaada kana kan cimsu Addunyaa(2014:211) akkasiin ibsa,akkuma maqaa isaa nameessuun lubbu maleeyyii ykn lubbu qabeeyyii biroo amala namaa gonfachiisuudha. haala kanaan akka namaatti beela'anii akka quufan,deemanii akka galan,ijaaranii akka diigan,dhiyaatanii akka hiiqaniifi wkf akka dalagan kan taasisu fayyadama afaaniiti. jedha. yaanni kun wanti lubbuu qabus ta'e hinqabnee fi uumamaan kan nama hintaane amala namni qabu kamiyyuu gonfatanii kan dhihaatan ta'uu ibsa.

Fedhasaa(2013:98) yoo ibsu,"nameessi dubbii qolaa wanta horii ,bineensaafi kan kana fakkaatan amala namummaa gonfachiisuun dhiheessuudha. mala bineensonni ittiin amala ilma namaa wantoota biroo gonfachiisuun hojii isaaniitti humna horaniidha".jedha. kanaaf wanta nama hintaaneefi amala namaa hinqabne tokko nama taasisanii fi amala namaa gonfachiisanii dhiheessuun ergaa akka darbuuf barbaadame sana humna horachiisuuf ni gargaara jechuudha.

Fkn:

Waan godhan dhabanii
Yommuu rakkatanuu

Ibsaan taajjabeera

Yommuu barreessanuu

Uumamaan kan kennaa waa taajjabuu qabu dhala namaati. walaloo kana keessatti garuu ibsaatu taajjabe. kanaaf ibsaan amala namaa gonfatee dhiyaate.

d. Arbeessuu (hyperbole)

Gosti mala dubbii kun ammoo dhugaa jiru tokkorraa ka'uun hanga jiruun olitti olkaasuun guddisee kan dhiyeessuudha. arbeessuun waan tokko garmalee guddisanii ykn garmalee xiqqeessanii dhiyeessuudha. kunis jechuun waan tokko guddisanii hanga arbaa,kineessanii ammoo hanga huubaa taasisuu jechuudha.(Addunyaa,2005:214)

Fkn:

Maal taate kan ija manarratti fanniftee teessu?

As keessatti hammam akka namni sun qalbiin ykn yaadaan fagaatee jiru ibsuuf jecha guddisee dhiyeesse. namni kun ijaan gara manaa ilaala jiraachuu danda'a. garuu ija manarratti fannisuu hindanda'u.

e. Xuqxu-Seenaa/tuqsee

Tuqseen gosa malleen dubbii keessaa isa tokko ta'ee, bakka wayii maqaa dhahuun akkasumas namas ta'e waan biroo maqaa dhahuun akkaataa seenaatiin dhiheessuuf kan gargaaruudha. kanas akka wabiitti wanta dhugaa ykn seenaa keessatti ta'ee darbe tokko gargaaramee dhiyeessa.

Fedhasaa(2013:8), tuqxu seenaan hojii ogbarruu keessatti waa'ee iddoo, namootaafi gochaa karaa mul'atuun ykn alkallattiin wabii godhatee tuquun hojii biroo keessatti kan agarsiisuudha. jechuun ibsa.

Fkn:

Yaa ilmakoo,
Ilma dhiigaaf lafee keessaa
Gurra keenya waatu jiramoo
Waatu jiramoo nadhageessaa?
Duubaan yaaddu duuba yaannaa
Isa kaleessaa....(maddi walaloo waloo lataa qana'ii)

Seenaan ta'ee darbe tokko duuba jiraachuu agarsiisa. kunis 'duuba yaanna isa kaleessaa'kan jedhu keessatti mul'ateera.

f. Atee/Wanteessuu /apostrophe

Jedhi yaadiin kan barreessaan ykn dubbataan waan nama hintaanetti akka namaatti itti dubbatuudha. akkasumas nama hinjirre/du'ellee akka waan isa bira jiraatee deebii kennuufii danda'uutti itti dubbata.

Isaaq(2003:10) irratti,"jedhi yaadiin waan nubira hinjirre tokko namas ta'e namaan ala kanneen ta'an akka waan nubira jiranii nudhaggeeffataa jiraniifi deebii nuuf kennuu danda'aniitti fudhachuun gaaffii gaafachuu,marii wajjin taasisuun,haasofsiisuu,gaddisiisuu fi kofalchiisuu irratti hundaa'ee mala dubbii uumamuudha".

Fkn:

dachee.....dachee x3
gurra qabdaa laata
tarii nadhageessaa
moo isuma nyaattu nyaatteema
cuqqaalamtee teessaa
(maddi walaloo lataa qana'ii)

Kun ammoo barreessan akka waan dacheen dhageessee jalaa owwaachuu dandeessuutti 'dachee','dachee'jedhee waamaa jira. kanaaf waan hindhageenye akka waan dhaga'uutti waamaa jira.

g. Habalaka/agboo(irony)

Mala dubbii karaa faallaa ta'een ibsuudha. yaanni ibsamu tokko faallaan hiika akka kennu taasisuudha. akka ibsaan waraqaa qorannoosaa keessatti, Fedhasaa(2013:97) wabeeffachuun ibsetti,

> *Habalakni dubbii addummaa wanta fakkaatuufi dhugaan ta'e gidduutti mul'atuudha. as keessatti wanti jedhamuuf ka'e isa jedhame miti. hiikasaa hubachuun kan dan-da'amu waan barreessaan jechaa jiru sirriitti yoo hubatameedha. hiikni himamu faallaa isa jedhameeti. fknf mucaa waa balleesse tokkoon 'ishoo kormakoo jabaad-hu ' yoo jedhan habalaka. sababnisaa balleessaatti jabeessuun seera miti. akka baay-yee hadheeffatan ibsuuf habalakaan kan dubbataniidha.(Ibsaa,2016:20)*

h. Mitihee/paradox

Yaada faallaa walii qaban ciroon,gaalee ykn himaan ibsuun agarsiisuudha. Addunyaa(2005:212) "jechi 'eemiti' jedhu eeyyeefi miti jechoota jedhan irraa uumaman.jechoonni kunneen faallaa waliiti".jedheetu ibsa. kana jechuun mitiheen yaada tokko yemmuu ibsu wanta faallaa walii ta'e lamaan ibsa. wanta s'a tokkotti sobas dhugaas ta'uu danda'uudha.

Fkn:

Osoo arguu hinargu

i. Fakkoommii/symbols

Fakkoominni wanta ibsamuuf barbaadame bifa mallattootiin ykn mala bakka buusuutiin mul'isuudha. kunis sadarkaa addunyaatti, hawaasa tokkootti,akka dhaabbataa fi akka dhuunfaatti hiika mataasaa gonfatee bakka bu'uun waan ibsamu sana ibsuudha. Zarihuun Asfaw(1995:120) akkasiin ibsa, "fakkoominni yeroo wanti qabatamaan tokko bakka ykn gocha wanta biraatiif dhaabbachuun wanta bakka bu'e sana ykn dhimmicha haala gaariin kan ibsuudha" jedha.

Fkn:

Kan garaa garaa haa taa'u

Akkam bulte yaa bataskaanaa

Inni jedhan naaf galu

(maddi walaloo lataa qana'ii keessaa)

bataskaanni bakka waaqeffannaa hordoftoota amantaa kiristaanaa biratti beekamuudha. kanaaf bifa mammaaksaan kan ergaa dabarsee fi akka fakkoommiitti kan ilaalamuudha.

2.2 Sakatta'a Barruuwwan Walfakkii

Malleen dubbii ilaalchisee qorannoon yeroo garaagaraatti kitaabota adda addaa irratti qophaa'aniiru. kanneen keessaa qorannoo kana waliin walitti dhiyeenya kan qaban waraqaa qorannoo Ahmad Mahammad,TafariiJifaar,Tashaalee Duulee,Isheetuu Mohaammad....fa'a.

Ahmad Mahammad(2010)"xiinxala sadoommiiwwan kitaaba walaloo A'aa" jedhu keessatti. inni gosoota sadoommii fudhachuudhaan ergaa isaa qaaccesseera. qorannoon kunis akkasuma gosoota malleen dubbii ykn sadoommii fudhachuudhaan ergaa isaa qaaccesseera. wal fakkeenyi isaan qaban inni biraan qorannoowwan lamaanuu fayyadama malleen dubbii xiinxaluudha.

Garaagarummaan isaan gidduu jiru xiyyeeffannoon isaanii malleen dubbii/sadoommii irratti haa ta'uyyuu malee, kitaabni walaloo isaan irratti hojjetan garaagara. akkasumas Ahmad qorannoosaa boqonnaa afuritti(4) qooduun hojjete. waraqaa qorannoo inni kun garuu boqonnaa shanitti(5) qoodamee kan hojjetameedha.

Waraqaa qorannoo biraan kan qorannoo kana waliin walfakkaatu kan Tafarii(2004) hojjetameedha. akkuma waraqaa qorannoo kanaa sadoommii irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u,matadureen isaa "xiinxala sadoommiiwwan walaloo utuu fi malli maali?" jedhuudha. qorannoon inni kun garuu "xiinxala itti fayyadama malleen dubbii kuusaa walaloo qaallicha gaafadhu"jedhudha. akkasuma kaayyoon qorannoowwan lamaanii walitti dhufeenya kan qabuudha. qorannoon kun lamaan maalummaa walaloo,gosoota walaloo, caacculee walaloo,maalummaa sadoommiifi faayidaa isaa ibsaniiru.

Garaagarummaan isaanii ammoo kan Tafarii'n hojjetame walaloo kaasetaan jiruudha. inni kun garuu walaloo kitaabaan jiruudha. kana malees kan Tafarii gosoota sadoommii walaloo filataman keessatti argaman mara secca'uun gosa gosaan fakkeenyaan kan agarsiiseedha. qorannoon inni kun garuu gosoota malleen dubbii walaloo filatame keessatti argamu mara kan seecca'u osoo hintaane muraasa fakkeenya waliin kan agarsiiseedha.

Qorannoo kana waliin walfakkeenya kan qabu waraqaa qorannoo biraan kan Isheetuu(2003) hojjetameedha. qorannoon kun akkuma waraqaa qorannoo kanaa ,xiinxala sadoommiiwwan

asoosamoota gaaddisaa birruu,kuusaa gadoo,fedhii gamtokkeefi ogbarruuwwan gaggabaaboo biroo,jedhu irrattidha. kan wal isaan fakkeessu xiinxala sadoommii irratti hojjetamuu isaaniiti.

Garaagarummaan isaanii qabiyyeen waraqaa qorannoo Isheetuu boqonnaa afuritti qoodamuun kan xumurameedha. waraqaan qorannoo kun garuu boqonnaa shanitti xumurame. kitaabni isaan xiinxalanis garaagara. kunis kan Isheetuu kitaaba asoosamaa irratti yoo ta'u,inni kun garuu kitaaba walaloo irratti kan hojjetameedha.

Waraqaa qorannoo biraan kan Gosaayee Jambaruutiin bara 2010'tti hojjetameedha. innis mataduree "xiinxala akaakuu sadoommii mammaaksa oromoo haadhaafi abbaa godina kibba lixa shawaa aanaa qarsaa maallimmaa"jedhurratti kan dhiyaateedha. qorannoon kun akaakuuwwan malleen dubbii tarreessuun maalummaa isaanii ibseera. qorannoo inni kunis akaakuuwwan malleen dubbii tarreessuun maal akka ta'anis ibsee jira.

Garaagarummaan isaanii garuu kan Gosaayee mammaaksarratti yoo ta'u inni kun garuu walaloo irratti kan hojjetameedha.

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

3.1 Adeemsa Qorannichaa

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa inni guddaan xiinxala malleen dubbii ogwalaloo qaallicha gaafadhu jedhu xiinxaluudha. kanarraa ka'uun malleen dubbii ogwalaloo kana keessatti argaman kamfaa akka ta'an addaan baasuun akkasumas waloon ogwalaloo kana keessatti malleen dubbii kamitti akka gargaarame addaan baasuun hiika isaan qaban xiinxaluuf nugargaara. dhimmoota akkasii kana qorachuuf ammoo qorannoo qulqulleeffataatti gargaaramuun gaariidha.

Kanumarraa ka'uun Ibsaa (2016:37) waraqaa qorannoosaa keessatti Dastaa(2013:33) wabeeffachuun yoo ibsu,"qorannoo qulqullinaa geggeessuuf odeeffannoon kan funaanamu daawwannaa,afgaaffii,dookumentii sakatta'uufi meeshaalee dhag-argee fayyadamuudha". jechuun kaa'a. akaakuu qorannoo kanaa keessatti ragaaleen qorannoodhaaf funaanaman gabatee,giraafii fi kan biraan ibsamuu waan hindandeenyeef gosa qorannoo biraatti gargaaramuun rakkisaa ta'uu danda'a.

Kanuma bu'uura godhachuudhaan qorannoo kana keessatti mala akkamtaatu dhimma itti bahame. sababni isaas matadureen qorannichaa xiinxala malleen dubbiirratti waan ta'eef. malli akkamtaa ammoo qabiyyee qorannoo irratti ibsa kennuun kan geggeeffamuudha. akkasumas malli funaansa ragaalee sakatta'a dookumeentiiti. innis lakkoofsaan ibsama osoo hintaane jechaan waan ibsamuufi. kanumarraa ka'uun qorattuun mala qorannoo akkamtaafi mala qorannoo ibsituutti fayyadamtee qorannicha geggeessiteetti.

3.2 Saxaxa Qorannichaa

Mataduree kana jalatti qorannichi maal akka fakkaatuufi maal irratti akka bu'uureffatetu agarsiifama. kaayyoon qorannichaa malleen dubbii xiinxaluudha. qorattuun mala qorannoo akkamtaa fayyadamte.sababnisaa odeeffannoon argame jechaan waan xiinxalamuuf. dabalataan Dastaa(2002:20) ,"qorannoon mala kanaan geggeeffamu odeeffannoo argame mal iddatteessuun ykn mala ibsuutiin dhiheessu.jedha.

Kana malees malli qorannoo qulqulleeffataa kan of keessattibqabatu adeemsa ragaa duraa ta'ee kan gaaffii banaafi lakkoofsa hinqabne dha. xiinxalliin ragaa tokkoffaa ammoo lakkoofsa kan hintaane ta'uu ibsa. Addunyaa(2011:11)yoo ibsu,"ciminni qorannoo akkamtaa gaaffiwwan

akkam? maaliif? jedhan kaasuun gadi fageenyaan xiinxaluurratti humna waan qabuuf amanuufi hubannoo babal'isuuf haala mijeessuusaati".

3.3 Madda Odeeffannoo

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaadha. innis kitaaba walaloo 'qaallicha gaafadhu' jedhuudha.sababnisaa malleen dubbii achi keessatti argaman xiinxaluurratti waan xiyyeeffatuufi.

3.4 Mala Iddatteessuu

Ibsaa waraqaa qorannoosaa keessatti Flick(2002:61) wabeeffachuun yoo ibsu,The issue of sampling emerges at different points in the research process an interview study is connected to the decision about which persons to interview (case sampling),,,furthermore,it emerges with the decision about which of the interviews should be further treated i.e transcribed and interpreted or material sampling. finally, it a rises when presenting the finding or presentation sampling.

Qorannoo keessatti iddattoon namoota afgaaffiif dhiyaatan ittiin filachuuf qofa kan itti fayyadamnu osoo hintaane bakka sadiitti itti gargaaramna. dura namoota odeeffannoo kennuu danda'antu filatama. itti aansuun yeroo ykn wayita odeeffannoon funaaname qaacceffamuufi xiinxalamu itti fayyadamna.

3.4.1 Iddata Akkayyoo

Qorannoo kana keessatti dhimmi iddattoo xiyyeeffannoo guddaa kan hinqabneedha. sababnisaa qorattuun gosa qorannoo akkamtaa waan fayyadamteefi. qorannoon akkamtaa immoo baayyinaan gochaa,haalota ykn dhimmoota ibsuurratti waan xiyyeeffatuufi.

Akka Ibsaa(2016:37) irratti Kumar(2005:165) waraqaa qorannoo isaa keessatti wabeeffachuun ibsetti,Inqualitative research the issue of sampling has little significance as the main aim of most qualitative inquire is either explore or describe the diversity in situation phenomenon or issue". jedha.

Gosa iddatteessuu qorattuun dhimma itti baate iddata mit-carraadha. gosa iddatteessuu mitcarra keessaa immoo iddata akkayyooti.

3.5 Mala Odeeffannoon Ittiin Funaanaman

Odeeffannoon qorannoo mala akkamtaa karaa adda addaatiin funaanama. Ibsaa waraqaaa qorannoo isaa kaassatti Dastaa(2013:110) Yaalaw(2006:115)wabeeffachuun mala odeeffannoo yoo ibsu,qorannoon kamiyyuu ragaadhaan deeggeramee geggeeffama. ragaan ykn odeeffannoon bu'uura qorannoo ta'uusaati. odeeffannoon bu'uura qorannoo ta'e kunis kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uuf malleen ittiin funaanamu qaba. jechuun ibsa. malleen kun hedduu ta'anis kaayyoo qorannichaa milkeessuuf malli mijataa ta'e sakatta'a dookumeentiiti.

3.5.1 Sakatta'a Dokumentii

Dookumeentii sakatta'uun adeemsa qorannoo tokkoo geggeessuu keessatti tooftaa qorannoo sana fudhatamummaafi dhugummaasaa mirkaneessuuf kitaaba,waraqaalee qorannoo, galmee fi barreeffamoota bifa adda addaatiin ta'an qaaccessuun ciminaafi hanqina qabiyyee isaanii ibsuuf kan gargaaruudha.

3.6 Adeemsa Qaaccessa Ragaalee

Karaa ragaaleen qorannoo kanaa ittiin xiinxalaman karaa tokkooni. innis sakatta'a dookumeentiiti. jalqabarratti kitaaba walaloo qaallicha gaafadhu keessatti malleen dubbii argaman muraasa addaan baasuudha. itti aansuun kanneen addaan baafaman kana fakkeenya waliin xiinxaluudha.

BOQONNAA AFUR: XIINXALA ODEEFFANNOO

Matadureen kana keessatti odeeffannoowwan kitaaba walaloo 'qaallicha gaafadhu' keessaa funaanaman fakkeenya waliin kan itti xiinxalamaniidha.

4.1 Xiinxala Tuqxu-Seenaa

Tuqxu-seenaan bakka wayii ykn seenaa wayii maqaa dhahuunis ta'e waan maqaa dhahuun ammatti itti fayyadamuudha. malli dubbii kunis ogwalaloo qaallicha gaafadhu keessaa fudhatame haala gadii kanaan xiinxalameera.

Fkn 1

.....

Qe'ee gootittii maqadallaa'ttii

Raayyaa biyyaa waliin morkisiiftee

Mootii faranjiin ilaalte akka waaqaatti

Ishee dhooftee biyyoo qorqisiifte

.....(fuula 2)

Walaloon kun walaloo matadureen isaa 'qe'ee keenya' jedhu keessaa fudhatame. as keessatti barreessaan kun seenaa ta'ee darbe tokko kaasuun akka wabiitti itti gargaaramuun ammatti ergaasaa dabarfatee jira. haaluma kanaan seenaa oromtittii walloo warqituu kan kaase yoo ta'u,bara mooticha habashaa teewdiroos keessa uummanni oromoo walloo waraana cimaarra akka ture dha. mootichi habashaa teediroos oromoo walloo irratti duguuggaa sanyii geggeessaa ture. ilma warqituu kan dhoksee achi buuteesaa dhabsiise teediroos kanadha.

Aarii ilmasheef jecha maqdallaa irratti teediroosiin biyyoo qorqisiifte. waraana ingilizootaa qawwee naaf hojjettu jedhee hidhee ture sunillee gootummaa isheef baayyee ajaa'ibsiifatanii turan.

Fkn 2

.....

Angafoota seenaa ogbarruu keenyaa

Oshoo aagaafi akkafedhee daallee

Dhabdanis humna keessaniif beenyaa

Ogbarruu bara har'aa isin irraa dhaallee

.....(fuula 66)

'Siidaa ogbarruu 'mataduree jedhu keessaa kan fudhatameedha. kunis naannoo jaarraa kudha saglaffaa keessa seenaa ogbarruu oromoo keessatti ijoollee yaadataman oshoo aagaafi akka fedhee daallee kaasee jira. isaanis ijoollummaan biyya ormaatti gurguraman. achittis oromoof bu'aa buusanii jiru. ogbarruu barreeffama oromoo jalqabuun ogbarruu oromoo har'aaf immoo sababa ta'aniiru. isaanis qorattoota biyya awurooppaa ogbarruu oromoorratti qorannaa geggeessaa turanitti kanneen akka walaloo,faaruu,weedduu,geerarsa fi wkf isaanitti himaa akka turan seenaan ni hima.

kanaaf barreessichi ijoollee kanneen kaasuun galateeffatee jira. malli dubbii askeessatti mul'atus tuqxu-seenaa ykn tuqseedha. sababnisaa seenaa ta'ee darbe kaasee waan jiruuf jechuudha.

Fkn 3

.....
Bara durii,
Utuu gurraachi didee dhidhiittatuu
Gatiittii qabanii humnaan geessu
Isa fiigee ba'uuf wirriiqqatu
Fuuncaan cancalanii biraa dheessu
Daldalaaf akka ta'uuf ilmoon dhiiraa
Gurraachummaa garba taasisanii
Bittaafi gurgurtaan waljijjiiraa
Nama hedduu biyyaa baasisanii
.....(fuula 71)

Walaloo mataduree'daldala garbaa ammayyaa' jedhu keessaa kan fudhatame yoo ta'u, waloon waa'ee daldala garbaa naannoo jaarraa kudha saddeettaffaa(18ffaa) keessa ture sana tuqe. innis kan warri adii warra gurraacha bitanii hojjechiifachaa turaniidha. nama dide humnaan qabanii hidhanii gondor irraan baasanii kara sudaaniin ceesisanii biyyoota awurooppaatti gurguraa akka turan seenaan ni hima.

Waloon kun seenaa ta'ee darbe kana kaasuudhaan ykn akka wabiitti itti gargaaramee daldala garbaa isa ammayyaa"DV"jedhamu ibsee jira. kanaafuu malli dubbii as keessatti dhiyaate tuqsee ykn tuqxuu seenaati.

Fkn 4

.....

Garuu,

Wanti sirriin,seenaansaa

Ofis,adiis miti ajjeesaansaa

Deebiin gaaffii na gaafattee

Tarii warra hinbeekneef abjuudha

Kan teewoodiroosiin galaafate

Warqituu oromtittii yajjuudha

.....(fuula 9)

Walaloon kun 'warqituu warqee walloo'matadureе jedhu keessaa fudhatame. seenaa keessatti warqituun tewoodiroosiin mootii habashootaa kan galaafatte ykn ajjeeste dubartii jabduudha. warri habashaa garuu ofiin of ajjeese ykn biyyasaaf of wareege jedhanii himatu. garuu dhugaan jiru kan isa ajjeese oromtittii yajjuu warqituu wadaajoo ti. kanaaf uummata oromoo biratti kabaja guddaa qabdi.

Barreessaanis inni isaan of ajjeese jedhanii himatan soba ta'uusaa hiriyaa isaatti himaa jira. kanaaf mala dubbii keessaa tuqseen sirriitti mul'atee jira.

Fkn 5

.....

Bara faranjiinuu hinbeekne qabaa ulee

Inni ogummaafi safuu warra ofiitiin bulee

Tooftaa riphee lolaa hindoota barsiisee

Hongee bishaaniitiif eela baasee dhugsiise

.....(fuula 59)

'Amartii haadhaa' walaloo jedhu keesaa kan fudhatameedha. namni maqaan isaa maalik ambar jedhamu gurraacha afrikaati. innis waggaa hedduu dura gara ardii eeshiyaatti gurguramee ture. biyya hindii har'aas waggoota saddeetiif akka geggeessaatti akka tajaajilaa ture seenaa keessatti ni kaa'a.

dhaloonni isaa harargee ta'uun dubbatamus maqaansaa isa asilii kan abbaa fi haatisaa moggaasaniif"caalaa aagaa" akka ta'e odeeffannoon muraasni ni jiru. barreessaanis mala dubbii kanatti gargaaramee barreessee jira.

Fkn 6

.....
Biqilaan dachee kuush irratti biqilu
Bofa ta'ee bofa akkasaaf hin ilu
Gaafa muramee ulee qabannaa ta'u
Ittiin rukutanii galaana addaan ha'u
.....(fuula 52)

Matadure 'ulee musee' jedhu keessaa kan fudhatameedha. akkuma mana amantaa kiristaanaa keessatti barsiifamutti ykn macaafa qulqulluu keessatti barreeffametti, sabni isiraa'el biyya misirii ba'uuf lafa onaarratti dhiphina garaagaraa argaa ture jedha. sababnisaa fara'oon isaaniin fixuuf jecha fardaan isa duuba fiigaa ture waan ta'eef, galaana diimaa bira ga'anii ce'uu waan dadhabaniif waaqni isaanii 'ulee kana fuudhii galaana si'a tokko rukuti inniyyuu gargar citee isin ceesisaa' jedhee musee abboome. museenis ni rukute galaannis addaan qoodamee isaan ceesise.

Barreessaan seenaa kana as keessatti kaasuun isaa tooftaa ykn malaan ergaa inni dabarfachuu barbaade waan dabarsuuf jechuudha. kanaafuu seenaa gama amantaatiin jiru kaasuudhaan ergaa isaa dabarfatee jira.

Fkn 7

.....
Dur magantaan jira
Marabbaanis bira
Magantaan odaa jala
Marabbaan hooda fala
Odaa jala jaarsat taa'a
Jaarsa araara malu
Hooda dubbii bitaacha'aa
Mariidhaan mixii qalu
.....(fuula 73)

Walaloon kun 'jaarsa bara ammaa' mataduree jedhu keessaa kan fudhatame yoo ta'u,malli dubbii as keessatti argamu tuqsee dha. akkuma beekamu uummanni oromoo saba guddaa aadaa bareedaa qabuudha. utuu alagaan kutaadhaan,lagaan,amantaadhaan gargar hinqoqqoodin dura tokkummaa qaba ture;akkasuma jaalala guddaadhaan walii wajjin jiraachaa turan. dur oromoon odaa jala taa'ee waaqa isaa kadhata, nama waldhabes araarsa, walga'iis geggeessa ture. odaan ammoo muka milkii qabu waan ta'eef waaqni kadhannaa isaa nidhaga'aaf, namni waldhabes ni araarama ture.

Bara ammaa kun hunduu hafee odaa dhiisee galma guddaa ijaaree keessatti mari'ata. nama araarsuuf akka durii haati siiqqee siiqqeeshee qabattee hinbaatu, abbaan bokkuus akkasuma. bakka siiqqee fi bokkuu macaafa qulqulluu fudhatee nama kakuuf fiiga jaarsi bara ammaa. kanaaf walqoqqooduu,jibba,ollaan ollaasaa waliin nagaa hinqabu,safuun nibade,aadaan ni manca'e jechuudha. haa ta'uu malee garuu kan kana godhe shira firri alagaa wajjin waliigalee godheedha malee oromoon aadaa isaaf bakka guddaa qaba. kana malees jaarsummaa siyaasa keessatti itti fayyadamuutu eegalame. akkasumas matta'aa fudhatee dhugaa namaa dhoksa jaarsi bara ammaa jechuudha. kanaaf barreessaan jaarsummaa bara ammaa ibsuuf jecha isa durii kaasee itti gargaarame. jechi 'dur'jedhu kanuma hubachiisa.

4.2 Xiinxala Atee/Wanteessuu/apostrophe

Ateen kan barreessaan ykn dubbataan waan nama hintaanetti akka namaatti itti dubbatuudha. akkasumas waan nu bira hinjirre ykn nurraa fagoo jiru tokko akka waan nu bira jiruufi nudhaga'ee deebii nuuf kennuu danda'uutti itti dubbachuu ykn gaafachuudha. walalicha keessaa kan fudhataman akka gadiitti xiinxalamaniiru.

Fkn 1

.....

Atis hammaattee, gamoo jaare baatta

Ofirraa buqqiftee godoo goorroo shanii

Da'attee liiziifi kaartaa ofirratti ijaartaa

Gordommoo kanniisaa,gamoo fiixee samii

.....(fuula 39)

Kunis kan fudhatame mataduree 'Qaallicha Gaafadhu' keessaati. barreessaan kun finfinneetti dubbachaa jira. finfinneen ammoo maqaa lafaa ti. lafti ammoo gurra hinqabu hindhaga'u, afaan hinqabu hindubbatu waloon kun garuu akka waan finfinnee isa dhageessuutti quuqqaa keessa isaa jiru itti dubbachaa jira.

Baroota hedduu utuu alagaadhaan hincabin dura finfinneerra oromootu jiraachaa ture. gamoowwan ammaa kun hinjiru,akkasumas finfinneen qulqullina kan qabduu fi fooliin ishee fagootii kan nama waamu ture. akka ammaa kana hinfakkaattu turte. uummanni oromoo nagaaf jaalalaan walii wajjin finfinneerra jiraachaa ture. kana ibsuuf jecha barreessaan mala dubbii kanatti fayyadamee dhiyeessee jira. kunis uummatichi finfinneerraa aarii akkamii akka qabus ni agarsiisa.

Fkn 2

.....

ilaamee,

Gindii harkistee lafa qottee

Diina harmee kee sooraa

Oolmaa daalee sidhaltee

Maaliif dagattee booraa?

.....(fuula 61)

Uumamaan horiin ykn loon hindubbatan yookiin nama dhaga'anii deebii namaaf hinkennan. asitti garuu barreessi loon keessaa booraa gaaffii gaafachaa jira. 'oolmaa daalee sidhaltee ' ,' maaliif dagatte booraa?'jechuun akkasumas 'ilaamee' jedheetu itti himaa jira. kanaafuu malli dubbii ateen as keessatti ni mul'ata. sababni isaa, barreessaan waan nama hintaane loonitti dubbate waan ta'eef. loon ammoo hin haasa'an; haasa'uun kennaa dhalli namaa qabuudha. kunis mataduree'booraafi daalee'jedhu keessaa kan fudhatameedha.

Fkn 3

.....

Jiraan gaafa du'a keessanii jiru

Akkamiin boo'e laata gaafa awwaalaa

Irqinfatee gadoodee utuu harquu

Mararoofi jecha isiniif wallaalaa?

.....(fuula 65)

Mataduree'maaltu beeka yoona' jedhu keessaa fudhatame. wanti beekamaan jiru namni erga du'ee awwaalamee booda 'ekeraa' jedhama.ekeraan immoo hindubbatu,hindhaga'u, waloon kun garuu akka waan inni dhaga'aa jiruutti 'akkamiin boo'e laata gaafa awwaalaa' jechuun itti haasa'aa jira. kana kan ibsu 'jiraan gaafa du'a keessanii jiru' isa jedhudha.

Kanaafuu malli dubbii mul'ate kun atee dha. sababnisaas ekeraan hindubbatu, hindhga'u, nama lubbuun jiru bira jiraatee hindhaga'u jechuudha.

Fkn 4

.....
ilaamee egaa
Innan jedhu
Kanan fedhu
Gurra itti qabii dhaggeeffadhu
Hindabarfatin asaasoo koo
Isan jedhus qalbeeffadhu
Mee nan nuffin abaaboo koo
.....(fuula 36)

Mataduree 'abaaboo koo' jedhu keessaa fudhatame. ateen waan nama hintaanetti akka namaatti itti dubbachuudha. walaloo kana keessatti garuu barreessaan abaabootti ykn mukatti dubbachaa jira. kanas kan hubachiisu buufatawwan mataduricha keessa jiran biroo keessatti,'biyyoo sitti hammaaree,bishaan sidhugsiisee' waan jedhuuf. abaaboon biqilaadha;gurra hinqabu, hindhaga'u. waloon garuu'gurra itti qabii dhaggeeffadhu', nan nuffin jedhee itti haasa'aa jira. akkasumas akka waan abaaboon bira jiraatee isa dhaggeeffachaa jiruutti 'ilaamee' jedhee yeroo itti dubbatutu mul'ata. isan jedhu qalbeeffadhu jechuun abaabootti haasa'a. abaaboon garuu hindhaga'u, dhaga'ees deebii namaaf kennuu hindanda'u. kanaafuu akaakuu malleen dubbii keessaa ateen as keessatti mul'atee jira.

Kanaafuu, waloon kun 'ilaamee' jechuun isaa abaabootti ykn biqilaatti dubbachaa akka jiru mullisa. haa ta'uutii biqilaan/mukti kan gurra qabaatee haasaa isaa dhaga'u miti. inni garuu akka waan mukti isa dhaga'uutti wantoota dhagahuu danda'anitti fakkeessuun itti fayyadamee jira.

Fkn 5

.....

Yaa si'ii,si ishee homaa hindubbanne

Abbaa biyyaafi biyyee ofirra hinbulfanne

Dhaga'i, haaloo sirraa qabnun sitti himaa finfinnee

Silaa ormi halaalaa dhufee,baattatee sin fidne

.....(fuula 40)

Buufanni kun mataduree'qaallicha gaafadhu' jedhu keessaa kan fudhatameedha. mataduree kana jalatti wanti hubatamuu qabu walaloowwan mataduree kana jala jiran hundiyyuu mala dubbii atee/wanteessuu ta'u. kunis kan barreessaan aarii ykn komii finfinneerraa qabu akka waan finfinneen dhageessee furmaata laachuufii dandeessuutti itti dubbachaa waan jiruuf matadureen kun guutummaansaa atee jalatti ramadama. fakkeenyi biraallee olitti kan fudhatame nijira.

Akkuma beekamu finfinneen maqaa lafaati. lafti immoo hindhaga'u,hindubbatus, barreessaan garuu 'dhaga'i' jedhee akka waan finfinneen isa dhaga'aa jirtuutti itti dubbate. waloon kun waa'ee oromoon finfinneerraa buqqa'ee ormi ammoo itti galee kana dubbata. aarii finfinneerraa qabu mala dubbii kanatti gargaaramee ergaa isaa dabarfatee jira.

Fkn 6

.....

Sii yaa arraba koo, yaa arrabee

Maaliif sitti hindhaga'amuu

Funyaan waa suufuu dadhabee

Yeroonni gaaga'amuu?

.....(fuula 37)

Walaloon kun mataduree'arraba' jedhu kessaa fudhatame. as keessatti waloon kun arrabatti dubbachaa jira. kanas 'sii yaa arrabakoo' jedheetu gaaffii gaafachaa jira. garuu wanti beekamaan arrabni gurra hinqabu; dhaga'u,kanaaf haasaa isaa kana hindhaga'u. garuu akka waan arrabni isa dhaga'uutti itti gargaaramee ergaa isaa dabarfatee jira. sababni isaa qalbii dhaggeeffattootaa/dubbistootaa hawwachuu waan danda'uuf. kanaafuu, mala dubbii kanatti fayyadamee ergaa isaa dabarfatee jira.

4.3 Xiinxala Nameessuu/personification

Gosti malleen dubbii kun lubbu-qabeeyyiifi lubbu maleeyyiitu amala dhala namaa gonfachuun akka namaatti dubbii dubbatu ykn ta'iinsa raawwatu. yeroo kana lafti, mukti,bineensi, beeylanniifi kkf akka namaa ta'u, ni haasa'u, wallolu, yaada dhiyeessu, wanta namni hojjetu mara hojjetu. walumaagalatti, gocha addaa kan namoonni raawwatan hunda raawwatu. kuusaa walalichaa keessaa kan fudhataman akka gadiitti xiinxalamaniiru.

Fkn 1

.....

Ijumaanin luqqisaa; isumaanin fo'aa

Ijaan argeen saalfadhee junuunfadha

Ijaan ilaaleen, kajeelee hamuummadha

.....(fuula 12)

mataduree 'ijatu waa hunda' jedhu keessaati. walaloo kana keessatti iji gochaa namni raawwatu yeroo raawwatu mul'ata. kunis ijatu luqqisa, isumatu fo'as. garuu kan fo'uufi luqqisuu danda'u nama. kanaafuu iji amala namaa gonfatee dhiyaateera.

Fkn 2

.....

Itilleen ciisichaa na nuffitee

Ka'iinsa koo utuu eeggattuu

Qooxiirraa indaanqoon iyyinaan

Anis heedadhe, heeda hamtuu

.....(fuula 28)

'Haadha warraa koomoo' mataduree jedhu keessaa kan fudhatameedha. malli dubbii walaloo kana keessatti argamu nameessuudha. kunis jechoonni akka'nuffuu fi eeguu' amala dhalli namaa qabuudha. walaloo kana keessatti garuu itilleetu amala nuffuu fi eeguu gonfate. itilleen waan irra rafan (firaashii) jechuudha. innis waan nama hintaane,kan namni irra rafee bulu waan ta'eef, amala kana hinqabu. kanuma irraa ka'uun akka waan itilleen nama nuffeetti ykn narraa ka'i; nandadhabe jedheetti qalbii namaa harkisuuf jecha itti fayyadamee barreesse.

Fkn 3

.....

Ekeraan kooyyuu toleefii hinargannee

Waraqaa koolu-galtummaa warra du'aa

Awwaala koorratti marguu hin margine

Akkamittiin wanni akkasii narra ga'aa?

.....(fuula 57)

Mataduree 'gurra ekeraa' keessaa kan fudhatameedha. namni erga fooniifi hafuurri isaa adda adda ba'ee ykn erga du'ee booda 'ekeraa' jedhama. ekeraan ammoo hindubbatu, namas dhaga'uu hindanda'u. walaloo olii kana keessatti garuu ekeraatu haasa'aa jira yookiin gaaffii gaafachaa jira.

Kana malees ekeraan waa hinargu as keessatti garuu, ekeraan awwaala isaarratti margi akka hin margine argaa jira. kanaafuu ekeraan amala namaa fudhattee jirti jechuudha.

Fkn 4

.....

Jennaan

warra akkakoo du'an keessaa

Lafeen gogaa dargaggeessaa

Ol ka'ee na gaafatee ofkaltii

Oduu jaboo gadi guure nattii

.....(gurra ekeraa,fuula 57)

Akka hubachiisaatti mataduree kana jalatti buufattoonni jiran hunduu mala dubbii nameessuu ta'u. sababnisaa barreessaan akka waan ekeraan haasa'aa jiruutti fakkeessee mataduree kana xumure. akkuma armaan olitti kaafame namni erga du'ee booda ekeraa ta'a. namoonni du'an ykn ekeraan lamaan waliin dubbachuu hindanda'an. asitti garuu ekeraa lamaantu walitti haasa'aa jira. namni erga du'ee booda hin dubbatu,kan waliin dubbatu nama isa lubbuun jiru qofadha. kanaaf ekeraan amala namaa gonfatee jira jechuudha.

Fkn 5

.....

Korommii keenya keessaa

Booraan gooba guddataa

Goobasaatiin boonee

Diimaafi burree tuffataa

.....(booraa fi daalee, fuula 61)

Namni amala isaatiin yoo waan barbaadu tokko argate ykn wanta namoonni biroon hinqabne qaba yoo ta'e,ni boona ykn of jaja. namoota akkasaa hinqabne ammoo tuffachuu, akka waan namaa gadi ta'anitti isaan ilaala. amala kana kan qabu namadha. asitti garuu loon/sa'atu amala kana calaqqisiisee jira.wanti beekamaan jiru sa'a keessaa kormi yeroo baayyee warra mo'u ni nyaata/jifata.garuu niboona jechuun hindanda'amu. kanaafuu amala namaa gonfatanii jiru. barreessaanis ergaan isaa haalaan akka darbuuf jecha mala dubbii kana fayyadame jechuudha.

Fkn 6

.....

Maaltu beeka yoona,

Erga isin awwaalamtaniitii

Burqaan lafa keessaa burqee

Imimmaan dachee isin baatuutii

Biyyeetu boo'ee isiniif harqee

..... (maaltu beeka yoona,fuula 65)

Namni tokko gaafa du'u namoota firasaa akkasumas namoota isa beekantu boo'eefi harqee awwaallata. kun kennaa ykn aadaa hawaasichaati. walaloo kana keessatti garuu,nama osoo hintaane, biyyeetu nama du'eef boo'e ykn harqeefi. harqe yoo jedhu ammoo hammam booyicha guddaa akka ta'e ibsuuf jecha kan fayyadameedha. malli dubbii mul'ate nameessuu dha.

Fkn 7

.....

Aduun guyyaa bakka lamatti hirtee

Waggaa guutuu naannofti ardiirra

Addeessi garuu baatiin lixee

Kudha arfaniin dachee abuura

Jettanii bukeessitanii nu hamattu

Firii humnasaa ta'uu koos bartanii
Garuu, faayidaa kankoo maaf dagattuu
Addummaa keenyas utuu beektanii
Gubuu kansaa gaarummaa
Qorruufi ifuu koo gadhummaa
Gootanii, fakkeessitanii hamiitti
.....(gaaffii addeessaa,fuula 50fi 51)

Walaloo armaan olii keessatti addeessatu akka namaatti haasa'uun komii namarraa qabu dhiyeeffachaa jira. kunis faayidaa utuun qabuu yookiin utuun isin fayyaduu na hammeessitani. aduu ammoo utuunni isin gubuu dhaadhessitani jechuun komii isaa ibsachaa jira. aduu isin jajjaniifiyyuu anatu humna ta'aafii garuu isin bu'aa koo dagattanii aduu qofa dhaadhessitanii anaan na dagattani jettee akkuma namaa yaada dhiyeeffachaa jirti. kanaafuu akaakuuwwan malleen dubbii keessaa nameessuun sirriitti mul'atee jira.

4.4 Xiinxala Akkasaa/simile

Akkasaan jechoota 'akka, fakkaata fi hamma' kanneen jedhanitti dhimma baha. wantoota lama kan uumamaan wal hinfakkaanne amala, bifa, haalaafi kanneen biroon walbira qabanii waldorgomsiisuuf kan fayyadaniidha.

Fkn 1

.....
Utuu hin quufin, jaalala maatii ofii
Tapha hiriyaa gidduutii qabamanii
Gurgurtaan daddarbaa akka horii
Umurii daa'imummaan dhabamanii
.....(siidaa ogbarruu, fuula 66)

Buufata kana keessatti jechi 'akka' jedhu ni mullata. kanas ijoollota bara daldala garbaa keessa biyya ormaatti gurguramanii ogbarruu oromoof bu'aa buusan sana ibsuuf jecha horiitti fakkeesse. kunis akka horiitti humnaan qabanii biyyaa biyyatti dabarsanii akka gurguraa turan ibsuufi. akkaataa namni biraan itti seenaa bara sanaa hubachuu danda'utti gurgura horiitti fakkeesse jechuudha.

Fkn 2

.....

Akka waan,

Ati cidii gogaa baattuu

Anis harkarratti ibiddaa

Ati arjaa gara laaftuu

Ani hamaa bofa hiddaa

.....(jogol fakkeessanii, fuula 80)

Buufata walaloo kanaa keessatti wantoonni faallaa walii ta'an lama 'cidii fi ibidda', 'arjaa fi hamaa' dha. kunis tasa kan waliif hingalle ta'uu isaanii agarsiisuuf kan itti fayyadameedha. akkasumas diina walii yookiin nama dubbiif walbarbaadu akka ta'anitti ibsuuf jecha, jechoota faallaa walii ta'an kana fayyadame jechuudha.

Fkn 3

.....

Sokoka sansalata mudhii kee

Isati arboomsitee ittiin dhaadattu

Tasa dhufaa, gangalata muffii kee

Ittiin qabdee nagaa dhaammattu

Guntuta kee akka eeboo qara ilaaltu

Jaalalaan fakkeessitee, nama waraantu

Ejjennaa miilla kee, deemsa halkanii

Dubbannaa arrabakee,akka aannanii

.....(uwwee, uwwee, fuula 16)

Walfakkeenya wantoo lamaatu as keessatti mul'atee jira. kunis 'guntutaa fi qara eeboo, dubbannaa arrabaa fi aannan' kanneen jedhaniidha. akkasumas 'ejjennaa miillaa fi deemsa halkanii' akkasuma wal bira qabamanii jiru. as keessatti akkasaan haala tokkoon mul'ateera. innis jecha'akka' jedhuudha. kunis kan ibsu, waa namaaf yaadan fakkaachuun namoonni nama miidhan akka jiraniifi waan nama jaallatan fakkeessanii kan nama miidhan akka jiran ibsuuf itti fayyadame waloon kuni.

Akkasumas irra keessa arraba ofii dhadhaa dibanii keessatti ammoo hamaa namatti yaaduun akka jiru hubachiisuuf jecha mala dubbii kanatti fayyadamee jira. jechoonni kunniin amalaan kan walitti dhiyaataniidha. kanaafuu malli dubbii asitti mul'atu akkasaa dha.

Fkn 6

.....

Siin ala,

Dammiyyuu hin minyaa'u; dhamdhamni isaa eebicha

Ammaaree tola laadhus, gatiin galata koo reebicha

Yaada keetiif ciisichi mijaa'aas naaf gobaa dha.

Daaya tuuta hedduu keessa taa'ees an qofaadha

.....(hin diraamessu, fuula 69)

Buufata kana keessatti ammoo wantoota faallaa ta'antu mullate. isaanis 'dammaa fi eebicha'. kunis yoo ati na bira hinjirre waanti hunduu natti hintolu ykn wanti gaariinuu anatti gadhee ta'ee mullata yaada jedhu ibsuuf jecha kana fayyadame. jaalala nama sanaaf qabu ibsuuf jecha wantoota wal hinfakkaanne kana walbira qabee ibse.

4.5 Xiinxala Fakkoommii/symbols

Fakkoommiin wanta ibsuuf barbaadame tokko wanta biroodhaan bakka buusa. kunis jechaan ykn mallattoodhaan ta'uu danda'a.

Fkn 1

.....

Siiqqee kee luqqisii qaqaatti

Isatu nuuf alangee haqaati

Mirga keenyas isatu eega

Wanta garaas isatu beeka

.....(sikkoo mandoo, fuula 45)

Uummata oromoo biratti siiqqeen hiika guddaa qaba. siiqqeen mallattoo kabajaa,aangoo,mirga haqaa fi walqixxummaati. akkasumas,mallattoo araaraati. sirna dubartiin mirga ishee ittiin kabachiifattuu dha. kan dubartiin oromoo guyyaa cidhashee akka kennaatti fudhattuufi mallattoo kabaja dubartiiti. walalicha keessattis hiikni siiqqee maal akka ta'e tuqamee jira. fknf isatu nuuf

alangee haqaati fi mirga keenyas isatu eegaa kanneen jedhan irraa kaanee hiika isaa hubachuu nidandeenya.kanaafuu fakkoominni as keessatti mullatu siiqqee dha.

Fkn 2

.....
Odaa
Lootii aadaa
Galma uumamaa muka hoodaa
Daraaraan kee guyyaadhaan hin harca'u
Bakakkaan waaqarraas furgugga'ee sin dha'uu
.....(Odaa, fuula 60)

Odaan mallattoodha. akka addunyaatti osoo hintaane akka oromootti jechuudha. odaan mallattoo nagaa fi araaraati akkasumas galma waan fakkaatuuf bakka seera itti tumataniifi bakka araaraati. odaan muka milkii qabuudha. jechuunis seerri isa jala taa'anii tumatan hojiirra namaaf oola, odaa jala ta'aanii waaqa yoo kadhatan namaaf dhaga'ama. kanaaf odaan akka mukaatti mukuma garuu, akka dhugeeffannaa waaqeffannaatti muka milkii qabeessa fi muka safuu qabuudha. kanaafuu,fakkoominni asitti mul'atu odaadha.

Fkn 3

.....
Jifuu guuteen rabbiin kadhaa
Dhibaafadheen dhibuu laadhaa
Harka kootti bokkuu qapheen
Jilbibbiikeen ittiin tuttumadha
.....(Sibaruufan, fuula 47)

Walaloo kana keessatti fakkoominni argamu bokkuudha. bokkuun ulee abbaan gadaa qabatuudha. namni bokkuu qabatu abbaa bokkuu jedhama. abbaan bokkuu ammoo piresidaantii sirna gadaati. akka oromoon amanutti bokkuun mallattoo abbaa aangummaa,mallattoo sadarkaa aangoo sirna gadaa fi meeshaa ulfoo oromooti. akkasumas mallattoo jaarmayaa mootummaa olaanaa fi araaraati. kanaafuu, bokkuun fakkoommii guddaa walaloo kana keessatti mul'atuudha.

Fkn 4

.....
Obbo sisaayii fi firrisaa obbo kuraa
Coqorsa qabatanii jiru balbal dura
Rifadhee 'nooraa' jedheen ol seensisee
Sisirreesseen goorroo duuba gad teessisee
.....(Haadha warraa koomoo, fuula 29)

ilmi fuudha ga'e tokko jaarsolii warra intalaatti yoo ergatu, jaarsoliin coqorsa harkatti qabatanii dhaqu. akkasumas haatiifi abbaan ijoollee kanaa yeroo geggeessan coqorsa qabachiisanii 'akka coqorsaa lo'aa' jedhanii eebbisanii gaggeessu. kana jechuunis mallattoo umurii dheerachuu, horanii baayyachuuti. kanaafuu akka oromoon amanutti coqorsi mallattoodha.

Kanaafuu coqorsi wanta bakka bu'u qaba jechuudha. karaa biraatiin mallattoo birraan bari'uu isaa agarsiisuudha. kunis birraa gaafa irreechaa daraaraa keelloo waliin qabatamee deemamuun isaa kana mul'isa.

Fkn 5

.....
Kuni soba; dhugaa miti
Dhara adiiti, ni kijibu
Jabeessaa koo dubbiin sabaa
Akkamittiin isa hindhibu
.....(gurra ekeraa, fuula 57)

Walaloo kana keessatti 'adii'tu fakkoommiidha. akkuma beekamu wantoonni akka mallattootti ilaalaman sabaa sabatti biyyaa biyyatti adda addadha. fakkeenyaaf halluu adiin saba biraa biratti mallattoo gammachuu yoo ta'u, oromoo biratti garuu mallattoo gaddaati. akka walaloo kanaattis ta'e akka oromoon beekutti halluun sobaa adiidha. kanaaf soba/dhara adii jedhama. akka addunyaatti yoo ilaalamu garuu, adiin mallattoo nagaati. akka amantaa kiristaanaatti ammoo mallattoo gammachuuti. kanaafuu adiin fakkoommii walaloo kana keessatti mul'atuudha.

Fakkoommiin 'mallattoo' jedhamuunis ni beekama. mallattoon kun ammoo akka waliigalaatti mallattoowwan beekaman fkn halluu adiin mallattoo nagaati. akka sabaatti yoo fudhanne ammoo odaan oromoo biratti mallattoo galmaa fi araara akkasumas magariisummaa ykn baayina hortee sabichaa kan agarsiisuudha.

BOQONNAA SHAN:CUUNFAA,ARGANNOO FI YABOO

Boqonnaa kana jalatti cuunfaa qorannoo kanaa, argannoofi yabootu dhiyaata.

5.1 Cuunfaa

Qorannoon kun fayyadama malleen dubbii kuusaa walaloo qaallicha gaafadhu jedhu xiinxaluurratti kan geggeeffameedha. kaayyoo gooree qorannoo kanaarratti hundaa'uun akaakuuwwan malleen dubbii walaloo kana keessatti argaman muraasni xiinxalamanii jiru.

Akaakuuwwan malleen dubbii ilaalaman kunniin kan barreessaan kun wantoota naannoo isaatti argamaniin walitti fiduun uumee walaloosaa keessatti itti fayyadamee barreesseera. akaakuu malleen dubbii kana fayyadamee ilaalcha, siyaasa, hawaasummaa, aadaa fi diinagdee saba oromoo keessa tureefi ammas jiru baasee mul'iseera.

Kaayyoon qorannoo kanaa inni biraan maalummaa malleen dubbii addeessuudha. malli dubbii hiika jechi duraan qabu tokko dabsuun itti fayyadamuudha. kunis ergaan yaada darbaa jiruu xiyyeeffannoo akka argatuufi salphaatti dafee akka hubatamuu taasisuuf. kaayyoon gooreen qorannoo kanaa biroon faayidaa malleen dubbii qabu adeemsa xiinxallii walaloowwan sana keessatti agarsiisuudha. malli dubbii sammuu keessatti fakkii/suuraa uumuun yaada ibsuuf barbaadame salphaatti akka namni hubatuuf gargaara.

Gosti qorannoo kanaa qorannoo akkamtaa yoo ta'u, malli qaaccessa isaa qorannoo ibsituuti. maddi ragaa qorannichaa madda ragaa tokkoffaa yommuu ta'u, maddi ragaa kun ammoo kitaaba walaloo qaallicha gaafadhu jedhamuudha. malli iddattoon ittiin funaanaman ammoo iddata mitcarraadha. iddata mitcarraa keessammo iddata akkayyooti. malli akkayyoo malleen dubbii kuusaa walalichaa keessa jiran funaanuun qaaccessuudha. haaluma kanaan akaakuuwwan malleen dubbii hunda osoo hintaane, muraasa akka kaayyoo qorannoo kanaatti xiinxalamaniiru. akaakuuwwan malleen dubbii shan fudhachuun, odeeffannoo funaanuuf ammoo sakatta'a dookumeentin xiinxalee jira.

5.2 Argannoo

Qorannoo kanarraa argannoowwan argaman akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

- Akaakuuwwan malleen dubbii kuusaa walaloo qaallicha gaafadhu keessatti argaman muraasni adda ba'anii beekamuu danda'anii jiru. akkasumas akaakuuwwan kunneen haala addaa addaa ibsuuf akka galan bira ga'ameera. kunis siyaasa, dinagdee, hawaasummaa, amantaa fi kkf ibsuuf kan galan akka ta'an hubagamee jira.
- Malli dubbii haasawaa/dubbii qofa osoo hintaane barreeffama keessattis faayidaan inni qabu olaanaa ta'uunsaa bira ga'amee jira. kunis dubbii ykn hiika ifoomsuu, ergaa darbuuf xiyyeeffannoon akka kennamu taasisuu, fa'a ta'uu
- Kitaaba walaloo kanaa keessatti malleen dubbii barreessaan itti gargaarame tokko tokko kan salphaatti dubbistootaaf hin hubatamne akka jiraniifi fi jechoonni haaraa ta'an kan hiikni isaanii nama hunda biratti hin beekamne akka jiran beekamee jira. haa ta'u malee garuu, jechoota haarawaa ta'aniif hiikkaa miiljalee kaa'uun akkasumas seenaawwan namoota hinbeekamnee tokko tokkoofis miiljalatti gabaabinaan seenaa isaanii barreessuun isaa ammoo rakkoo kanaaf hanga tokko furmaata ta'uu akka danda'u bira ga'amee jira.
- Akaakuuwwan malleen dubbii walaloo qaallicha gaafadhu keessatti irra deddeebiin mul'atan atee/waantessuu, tuqsee, nameessuu fi akkasaa akka ta'an adda ba'uu danda'aniiru.

5.3 Yaboo

Walaloowwan kun ergaa bal'aa kan qabaniifi seenaa, aadaa,duudhaa fi siyaasa hawaasa oromoo waan barsiisuuf, barreessaan walaloo kanaa utuu bal'isee barreessee kana caalaatti dhaloota barsiisa. gama biraan akka waloon kitaabicha keessatti kaa'etti seenaan namoota ogbarruu oromoof bu'aa guddaa buusanii darbanii irratti qorannoon bal'inaan utuu irratti geggeeffamee gaarii ta'a. walaloowwan kana ka'umsa godhachuun ta'uu danda'a.

Wabilee

Addunyaa Barkeessaa .2014. Semmoo:Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo: Printed By Far Eest Trading plc.

Asafaa Tafarraa. 2009. EELA.SEENAA OGUMAA OROMOO.Finfinnee. Oromiyaa Printed By Far East Trading plc.

Asheetuu Mahammad .2002. "Xiinxala Fayyadama Sadoommii Asoosamoota Gaaddisaa Birruu : Kuusaa Gadoofi Hogbarruuwwan Gaggabaaboo Biroo". Yuuniversiitii Addis Ababaatti: Qorannoo Digirii Jalqabaa Guuttachuuf Dhihaate.(kan hinmaxxanfamne)

Bayyanaa Laggasaa .2008. "Qaaccessa Yoomessaafi Qabiyyeewwan Faaruu Loonii Uummata Oromoo Godina Baalee Aanaa Laga Hidhaa Keessatti." Yuuniversiitii Addis Ababaa: Qorannoo Digirii Lammaffaa(MA) Guuttachuuf Dhihaate.(kan hinmaxxanfamne).

Beekan Gulummaa .2015. Koomtoo. Cooma Afoola Oromoo. Finfinnee: Subi Printing press

Birhanu Mathews .1999. "Fundamentals Of literature" Addis Ababa University. (Unpublished)

Fedhasaa Taaddasaa .2013. Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu oromoo. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Subii Printing Press

Gosaayee Jambaruu .2010. "Xiinxala Akaakuu Sadoommii Mammaaksa Oromoo Haadhaafi Abbaa Godina Lixa Shawaa Aanaa Qarsaa Maallimaa". Qorannoo Digirii Jalqabaa Guuttachuuf Dhiyaate Yuuniversiitii Addis Ababaa (kan hinmaxxanfamin)

Harry Show .1972. Dictionary Of Literary Terms. U.S.A MeGRW-HlLL. Book Company.

Ibsaa Addunyaa .2016. "Qaaccessa Itti Fayyadama Malleen Dubbii Ogwalaloo ANAAN'YAA

Keessatti" Qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Dhihaate. Yuuniversiitii Addis Ababaa

(kan hinmaxxanfamne).

Isaaq Bariisoo .2003. "Sakatta'a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii Qubee

Fi Kumee kumaatamaa".Qorannoo Digirii Jalqabaa Guuttachuuf Dhihaate. Yuuniversiitii Addis

Ababaa.(kan hinmaxxanfamne).

Lalisaa Idiris .2018. Qaallicha Gaafadhu: Dilbii Walaloo.Oromiyaa Finfinnee printed press.

Melakneh Mengistu .1999. Fundamentals of Literature. Addis ababa: Biranna Printing press

Misgaanuu Gulummaa .2015. Dilbii: Bu'uura Afoola, Ogafaanii Afwalaloo Oromoo. Finfinnee.

Tafarii Jifaar .2012. "Xiinxala Sadoommii Walaloo "Utuufi Malli Maali" Qorannoo Digirii Jalqabaa

Guuttachuuf Dhihaate. Yuuniversiitii Addis Ababaa.(kan hinmaxxanfamne)

ዘርሁን አሰፋዉ።የሥነ ጽሑፉ መሠረታውያን። አዲስ አበባ፣ ንግድ ማተሚያ ድረጅት፣1992

Dabaleewwan

YUUNIVERSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMII FI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOIRII

Qe'ee Keenya...!

Quubsumaan kaabarraan argamti
Ollaan bitaafi mirgaa alagaadha
Uumamaan dhagaadhaan marfamti
Ambaan ooltee bultees baqataadha

Sittan hima yoo hinbeekne
Qe'ee warra kabajaafi jaalalaa
Warra ijaaree tolaan kenne
Siidaa gondarii fi laalibalaa

Arjooma kennaa uumamaa
Ibsituufi mallattoo garraamotaa
Argama madda qaroomaa
Hirkistuu fi qabattoo oromootaa

Warra yoo jaalalaa malee
Doorsisa alagaaf hinsarminee
"wallaahii, billaahii" jennaan
Haqa dabsee irra hindarbinee

Qe'ee warra balbala shananii
Warra quboon wal foosifatu
Maatii walqixxummaatti amanee
Dubaras mootiif moosifatu

Arraba

Dubbachuuf kan uumamte
Yaa foon arraba kootii,
Dhageettii sitti hin hir'isuuree,
Narraa cituun fiixee gurra lootii?

Sii yaa arrabakoo yaa arrabee
Maaliif sitti hindhaga'amuu
Funyaan waa suufuu dadhabee
Yeroonni gaaga'amuu?

Hidhiin dallaa siif ta'uuf uumame
Yaa arrabakoo abbaa dhamdhamaa
Akkamittiin sirraa qonxoramee,
Summii haalotaaf darbatamaa?

Ilkaan koo, gargaartuun kee
Abootteedhaan yoo caccabuu,
Hin arguuree agartuun kee,
Moo iyya isaatu sinqaqqabuu?
Sii yaa isa irgaafi ilkatti rirrigattuu
Yaa foon arraba koo ,arrabtichaa
Maaf ofiifillee hindudubbattu

Qaallicha Gaafadhu!

Sin waama ; inuman si waama
Waamicha owwaannaa hinqabne
Si saama; hundumat si saama
Saamicha qolannaa hinqabne

Si falmannus, sirratti nu cancalu
Qolatanii biyyeetti nu dabalu

Sitti jedhee kan si qorquu nuqolata
Sittii jedhee kan si morkus nu baqata

Atis hammaattee, gamoo jaare baatta
Ofirraa buqqiftee godoo goorroo shanii
Da'attee liizii fi kaartaa ofirrat ijaarta
Gordommoo kanniisaa gamoo fiixee samii

Yaa si'ii si'i ishee homaa hindubbannee
Abbaa biyyaa fi biyyee ofirra hinbulfannee
Dhaga'i haaloo sirraa qabnun sitti hima finfinnee
Silaa ormi halaalaa dhufee, battatee sin fidnee

Atimoo!!!
Hamtuun akka keetii lamuu hindhalatin malee

Ulee Musee!

Biqilaan dachee kuush irratti biqilu

Bofa ta'ee bofa akkasaaf hin hilu

Gaafa muramee ulee qabannaa ta'u

Ittiin rukutanii galaana addaan ha'u

Biqilaan qe'ee misiraatti qummuudde

Warra gurraachaaf ajajamuu diddee

Ormaaf taatee, harka guddisaa haaltee

Ulee caaltee, bofa taatee fira nyaattee

Jedhanii hammeessanii si hamatuu

Yaa biqilaa jiidha mormoriin guddattee

Atihoo maaliif nutti hin himattuu

Liqimsuu fi dhiisuu ulee wajjin muramtee

Biyyoo biyya tokko keessaa biqiltanii

Kiyyoo qara qottoon lachuu muramtanii

Dhuguma lachan keessan bofoomtanii

Tokko tokko liqimsee gadhoomtanii?

Gurra Ekeraa

Gaafan du'ee, guyyaa dhumaa

Sitti himeera, dhaamsa cimaa

Sagalee ciccitaatiin harkifadhee

"ilaa" jedheen sitti himadhe

"ilaa, ilaa...jabeessaakoo

Mucaa kaayyoo gameessakoo

Naaf hubadhu waan keessa koo

Ani abbaan kee hordofaanii

Ta'ee hinbeeku goota afaanii

Gocha keetiin,

miilla odeessituu okkolchiisii

Ekeraa goototaa boqochiisii

Imaanaadha; imaanaa baadhu

Biyya keetiif lubbuu laadhuu!

Siidaa Ogbarruu

Utuu hinquufin jaalala maatii ofii

Tapha hiriyaa gidduutii qabamanii

Gurgurtaan daddarbaa akka horii

Umurii daa'imummaan dhabamanii

Haala ulfaataa keessa jiraachaa

Miindaa tokko malee xaaranii

Ofii beela'aa argatanis nyaachaa

Warri sabaaf siidaa seenaa ijaaranii

Gootowwan waanjoon faranjii

Gatiittii saanii gad hinqabne

Ejjennoo fakkii sibiila boorrajjii

Finiinsaniis laafee kan hincabne

Angafoota seenaa ogbarruu keenyaa

Ooshoo aagaa fi akka fedhee daallee

Dhabdanis humna keessaniif beenyaa

Ogbarruu bara har'aa isinirraa dhaallee

Jogol Fakkeessanii...

Akka waan,

Ati cidii gogaa baattuu

Anis harkarratti ibiddaa

Ati arjaa gara laaftuu

Ani, hamaa bofa hiddaa

Akka waan,

Ani laafaa, akka dhadhaa

Ati jabduu, amma dhagaa

Ani dabuu, daguu dachaa

Ati goota kuma galchaa

Akka waanta aniif ati

Taliilaa fi booruu, dugdaafi garaa

Dha'icha waaqayyoo

Darbannaa hoorus, fida baraa

Akka waan anaaf ati yoo waltaane

Akka isaan jedhan sana taane

Akka ofii isaanii fakkeessanii

Dhugaa lama nuuf qopheessanii

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorattuu maqaankoo armaan gaditti heerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa, kanaan dura yuuniversiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhihaanne ta'uusaafi wabiileen waraqaa qorannoo kanaaf dubbisee itti fayyadame hunda isaanii wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa. akkasumas gorsaa qorannoo kanaa kan ta'an hojiin qorannoo kun kan qorattuu kanaa qofa akka ta'e mirkaneessuuf mallattoo isaanii armaan gaditti mallatteessuun mirkaneessaniiru.

Maqaa Qorattuu

Mallattoo

Guyyaa

Maqaa Gorsaa

Mallattoo

Bakka

Guyyaa
